XIINXALA MOGGAASA MAQAA MISIRROO: HAALA GODINA BAALEE, AANAA AGAARFAA

ALAMAAYYOO NAGAASH NADHII

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OG BARRUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG BARRUUTIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII MADDAWALAABUU KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAATTI MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OG BARRUU

FULBAANA, 2016/2013

ROOBEE, BAALEE

XIINXALA MOGGAASA MAQAA MISIRROO: HAALA GODINA BAALEE, AANAA AGAARFAA

QORATAAN-ALAMAAYYOO NAGAASH NADHII

GORSAAN- Dr Teessoo Bariisoo

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OG BARRUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OG BARRUUF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII MADDAWALAABUU KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAATTI MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OG BARRUU

FULBAANA, 2016/2023

ROOBEE, BAALEE

Yunvarsiitii Madda walaabuu Dhaabbata Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) gamisaan Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf **Alamaayyoo Nagaash Nadhiitiin** Mata duree Xiinxala moggaasa maqaa misirroo Godina Baalee, Aanaa Agaarfaa jechuun qophaa'e.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Qoraa keessaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Gorsaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____

Itti gaafatamaa muummee yookiin walitti qabaa sagantaa Digrii lammaffaa (MA)

_____

IBSA MIRKANEEFFANNAA (DECLERETION)

Ani qorataan maqaa fi mallatoon kiyyaa armaan gaditti eerame qorannoon kun hojii koo ta'uu isaa fi kanaan duras yuunivariistii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiin kan hin dhiyaannee ta'uu isaa akkasumas wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhee wabii keessatii kaayuu kiyyaa nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

GALATA

Duraan dursee waaqayyoo isa hojii qorannoo kana akkan hojjadhuuf na gargaaref galata guddaan galchaaf. Itti aansuun qorannoo kana irratti jalqabaa hanga xumuraatti na gorsuudhaan, waan hedduu na hubachiisun, na qajeelchuufi sirreeffama naaf kennuun yeroo isaanii aarsaa godhanii dadhabbiifi nuffii tokko malee na cinaa dhaabbataa kan turan gorsaa koo Dr Teessoo Bariisootiif galanni koo daangaa hin qabu.

Gama birootiin namoota waa'ee sirna moggaasa maqaa misirroo irratti ragaa barbaachisoo ta'an naaf gumaachan jiraattota Aanaa Agaarfaa Ganda Qotee Bulaa Amaallamaa keessaa manguddoota, haawwotaafi dargaggoota nan galateeffadha. Dhuma irratti karaa hundumaan na cinaa dhaabbatanii qorannoon kun akka fiixaan bahu na gargaaraa kan turan haadha warraa too Barsiistuu Tigist Asaffaafi Ijoollee tiyya Naahil, Kennaa waaqifi Yaanneet Alamaayyoo guddaan galateeffadha.

BAAFATA

Galata i
Baafata ii
Gabatee v
Jibsoo vi
Axeeraraa vii
BOQONNAA TOKKO: 1. SEENSA 1.1. SEEN DUUBEE QORANNICHAA .**Error! Bookmark not defined.**
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ..... **Error! Bookmark not defined.**
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... **Error! Bookmark not defined.**
1.3.1. Kaayyoo Gooroo .....**Error! Bookmark not defined.**
1.3.2. Kaayyoo Gooree .....**Error! Bookmark not defined.**
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ..... **Error! Bookmark not defined.**
1.5. Daangaa Qorannichaa ..... **Error! Bookmark not defined.**
1.6 Hanqina Qorannichaa..... **Error! Bookmark not defined.**
1.7. Haala Hundeeffama Magaalaa Agaarfaa..... **Error! Bookmark not defined.**
1.6.1. Haala Moggaasa Maqaa Magaalatti .....**Error! Bookmark not defined.**
1.6.2. Dhaabbilee Hawaasummaa .....**Error! Bookmark not defined.**
1.6.3. Jaarmiyaalee Hawaasummaa .....**Error! Bookmark not defined.**
1.6.3.1. Aadaa .....**Error! Bookmark not defined.**
1.6.3.2. Amantii..... 9
1.6.3.3. Afaan 9
BOQONNAA LAMA: 2. SAKATTA'IINSA OG BARRUU 10
2.1. Gooroowwan Fookloorii 10
2.2. Yaad-Rimee Fookloorii 10
2.3. Maalummaa Fookloorii 11
2.4. Maalummaa Maqaa 11
2.5. Maalummaa Moggaasa Maqaa 13
2.6. Moggaasa Maqaafi Aadaa 13
2.7. Adeemsa Moggaasa Maqaa Misirroo 15

2.8. Faayidaa Moggaasa Maqaa Misirroo 15
2.9. Maalummaa Moggaasa Maqaa Misirroo 16
3. Yaaxinaalee Fookloorii (Theories of Folklore) 18
3.1. Yaaxinna Irra Deebi`anii Ijaaruu (Historica-Reconstructiona) 18
3.2. Yaaxinna Fayyadamaa 19
3.2. Yaaxinna Aadaa Hawaasaa (Folk-Cultural Theory) 19
4. Sakatta'a Barruu Wal fakkii 19
BOQONNAA SADI: 3. MALA QORANNICHAA 21
3.1 Saxaxa Qorannichaa 21
3.2. Irraawwatama Qorannichaa 22
3.3. Madda Ragaalee 22
3.4. Mala Iddatteessuufi Hanga Iddatteessuu 23
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee 25
3.5.1. Af gaaffii hin caaseffamne 25
3.5.2. Daawwannaa-hirmaachisaa 26
3.5.3. Marii garee xiyyeeffannoo 26
3.6. Adeemsa Funaansa Ragaalee 27
3.6.1. Haala Ragaan Itti Funaanamu 27
3.6.2. Akkaataa Hirmaattonni Ragaa Itti Kennan 27
3.6.3. Haalaafi Mala Qaaccessa Ragaalee 28
3.6.4. Haala Amanamummaa Qorannichaa 28
3.7. Qindaa'ina Qorannichaa 28
BOQONNAA AFUR 4. DHIYEESSA, HIIKAAFI QAACCESSA RAGAALEE 30
4.1. Adeemsa Sirna moggaasa maqaa misirroo 30
4.1.1. Qaamolee Maqaa Misirroof Baasan 34
4.2. Maqaa Misirroof Baasan Haala Keessatti Bahuufi Ergaa Inni qabu. 34
4.3. Fakkoommii nyaataafi dhugaatii sirna moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatan 37
4.4. Ulaagaalee Maqaalee Misirroof Bahu Ittiin Mirkanaa'u 40
4.5. Faayidaan Moggaasa Maqaa Misirroo 41
4.5.1. Maqaa warri baaseen waamuu 42

4.6. Haala Misirroof Maqaan Keessatti Bahu.....44

BOQONNAA SHAN: 5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA..... 46

5.1. Cuunfaa..... 46

5.2. Argannoo Qorannichaa..... 47

5.3. Yaada Furmaataa 48

Wabiilee..... 50

Dabalee A 53

Dabalee B 55

Dabalee C 57

Dabalee D 58

Dabalee **E** 60

Dabalee F..... 60

Dabalee G 61

Dabalee H 63

GABATEE

Gabatee 1 Hiika fakkoommiiwwanii gulantaalee sirna gaa'elaa keessatti..... 46

JIBSOO

Qorannoo kana keessatti jechoota fayyadame keessaa kan yeroo dubbisan dubbistoota rakkisuu danda`an jedhee yaade haala armaan gadiin hiikkamaniiru.

Odeef kennitoota-Namoota ragaa qorannootiif barbaachisan kennuuf qorataan filataman

Akkayyoo- Mala iddatteessuu miti carraa ta'ee kan qorataan kaayyoo qorannichaa bu'uureffachuun filatu

Kabajannaa-Adeemsa sirni itti kabajamu

Lufinsa jireenyaa-Adeemsa umurii jireenyaa namni keessa darbu

Amileessa-Akaakuu af walaloo waan tokko faarsuuf gargaaru

Muudaa muuduu-Dhadhaa mataatti dibuu(mataan tuquu)

Labata -Dhaloota

Irreessa-Marga jiidhaa

Hirmii tufuu-Waadaa galuu

Hoolaa rakoo-Hoolaa dhaltuu gurbaan fuudhe galgala balbala mana isaa duratti qalatu

Jaala-Namoota gurbaa fuudhuun kadhatamanii misirroon akka obboleeyyaniitti wal ilaalan

Cuukkoo-Nyaata aadaa Oromoo bachoofi dhadhaa irraa hojjatamu

AXEERARA

Qorannoon kun xiinxala moggaasa maqaa misirroo haala Godina Baalee, Aanaa Agaarfaa irratti kan gaggeeffameedha. Qorannoo kana hojjachuuf kan na kakaase sirni moggaasa maqaa kun irraanfatamaa deemuu bira darbee gara baduuttii deemaa jiraachuu isaa hubadheen osoo qoratamee bu'aa olaanaa buusuu danda'a jedhee waan yaadeefi. Haaluma kanaan xiinxala moggaasa maqaa kanaaf malli qo'atichi itti gargaarame mala akkamtaa ykn qulqulleeffataati. Qorannoo kana galmaan gahuuf madda ragaa tokkoffaa iirraa iddoo sirnichi itti adeemsifamutti argamuun odeeffannoo manguddoota, haawwootaafi dargaggoota dhimma kana irratti hubannoofi muxannoo qaban irraa mala iddatteessuu miti carraa kan ta'an darbaa dabarsaafi akkayyoon filatamaniidha. Odeeffannoo qorannichaaf barbaachisan ammoo meeshaalee funaansa odeeffannoo keessaa af gaaffii hin caaseffamin, daawwanna hirmaachisaafi marii garee xiyyeeffannoon wlitti qabuun danda'ameera. Akkasumas, qabiyyeen gurguddoon qo'atichi irratti hundaa'e adeemsa sirna moggaasa maqaa misirroo, haala maqaan keessatti bahuufi ergaa isaa , fakkoommii meeshaalee sirnicha irratti dhiyaatuufi eessaa akka argaman, ulaagaalee maqaan ittiin mirkanaa'u, faayidaa moggaasa maqaafi k.k.f kan ibsan yoo ta'u; qorannoo kana keessatti akka waliigalaatti wanti hubatame sirni moggaasa maqaa misirroo adeemsa mataa isaa danda'e kana qabu ta'uu, maqaan moggaafamus haala keessatti moggaafamuufi ergaa qabaachuu, sirnichi aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti warrooma, ilmoomaa, wayyoomaafi fira dhiigaa walii ta'uu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uu isaafi dabalataanis sirni moggaasa maqaa kun akka duriitti gaggeeffamaa akka hin jirre bira gahamee jira. Yaadni akka furmaataatti lafa kaa'ames aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti sirni moggaasa maqaa faayidaa guddaa waan qabuuf maqaa misirroof moggaasanii ittiin waamuun namoonni aadaan kun badee akka hin dagatamne osoo itti fayyadamanii wayyaadha. Namoonni fuudhaafi heeruma gaggeessanis karaa ammayyaatiin osoo hin taane karumaan duraan gaggeessanitti kallattii aadaan wal qabateen osoo gaggeessanii bareedaadha. Jijjiiramniifi badiinsi sirna moggaasa maqaa misirroo irratti dhufu kana hambisuuf Waajjirri Aadaafi Turiizimii Aanaa Agaarfaafi manguddoonni, haawwonniifi dargaggoonni Ganda Amaallamaa dhimma kana irratti muxannoofi hubannoo keennuun kunuunsanii osoo dhaloota dhufuuf dabarsanii gaariidha.

BOQONNAA TOKKO: 1. SEENSA 1.1. SEEN DUUBEE QORANNICHAA

Hawaasni oromoo aadaa isaa kaleessa itti fayyadamaa ture karaa sirna qabuun gaggeeffachuufi dhaloota itti aanuuf dabarsuuf gahee guddaa taphachaa ture taphachaas jira. Huseen (2000:48) waa'ee aadaa yoo obsu ''Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Wantoota saba tokko bakka bu'aniifi sabicha saba jechisiisan keessaa tokko aadaa dha. Aadaa yommuu jedhamu gochootaafi ta'uumsoota hedduu of keessaa qabaachuu danda'a. Kunis aadaan ogummaa amantaa, barsiifata waa uumuu, afaan, teknooloojiifi duudhaa kan of keessatti hammateedha'' jedha. Yaada kana irraa wanti hubachuun danda'amu aadaan waan bal'aa akka of keessaa qabuufi ibsituu eenyummaa sabaafi bakka bu'aa sabaati yaada jedhu namatti agarsiisa.

Ajjabush (1991) akka jettutti, ''Sirni fuudhaafi heeruma jireenya ilma namaa keessatti dhimma bu'uuraa hafuu hin dandeenyeedha. Dabalataan sirni gaa'ilaa waltajjii gaafa fuudhaafi heerumaa ni ilaallata. Qophiileen cidhaaf qophaa'an:-nyaata adda addaa, dhugaatii, faaya manaafi iddoofi k.k.f sirnicha keessatti ramadamuu danda'u. Sababni isaas, qophiileen kuniin sirnicha kanaaf jedhanii waan qophaa'aniif akkasumas sirnicha sababeeffachuun waan qindeeffamaniif guyyuma cidhaa sana galgala sirni maqaa baasaa misirroo warra gurbaa fuudheetti raawwatama'' jetti.. yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu fuudhaafi heerumni jiruufi jieenya dhala namaa keessatti dhimma hafuu hin dandeeneefi qophiilee adda addaa kan of keessatti hammatu yoo ta'u maqaa baasaan misirroo mana gurbaa fuudheetti galgaluma san kan raawwatamu ta'uu ibsu.

Maqaan jecha yookaan jechoota namoonni, bakkaafi wantoonni ittiin waamamanifi ittiin beekaman akka ta'e yaanni hayyoota tokko tokkoo ni ibsa. Yaada kana laalchisee galmeen jechoota ''Oxford'' (1995:771) yoo ibsu "*Name is a word or words by which a person, an animal, a place or a thing is known by and spoken to or about*," jechuun kaa'ee jira. Yaada kanarraa wanti hubachuun danda'amu, maqaan kan namni, bakkiifi wantoonni ittiin beekaman ta'a jechuudha.

Aadaan amaleeffannaafi waan qophaa'aa waliin dubbiidhaan dhaloota irraa dhalootatti kan darbu ta'uu isaa D.Smith (2005:153) yoo ibsu, ''Culture refers to all the modes of thought, behaviour and production that are handed down from one generation'' jedha. Akka ibsa hayyuu kanaatti aadaan waan baramee jiru tokkoofi waan qophaa'e tokko dhalootaa gara dhalootaatti karaa wal qunnamtiitiin kan darbu ta'uu isaati. Dabalataan, aadaan dameelee fookloorii keessaa tokko kan

ta’eefi barsiifata hawaasaa kan calaqqisiisu ta’uu Faqaadee (1991) ni ibsa. Barsiifata hawaasaa yommuu jennu aadaawwan kaleessa hawaasni walitti kennaa har’a gaheefi sirnoota jireenya ittiin gaggeessaniidha. Sirnoonnifi qophiilee gara garaafi sirna ayyaanotaa ta’uu danda’a. Kanneen keessaa qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu sirna moggaasa maqaa misirroo sirna namni kamiyuu simatu, hireefi hamilee namootaa kan ta’eedha. Haa ta’uu malee yeroo ammaa kana babal’ina qaroominaa irraa kan ka’e sirni moggaasa maqaa misirroo dur ture ammaan tana hawaasichi dagachuu bira darbee gara dhiisuutti deemaa jira.

Aadaa kaleessa dhaloota (labata) darban irraa dhaalan keessaa sirni moggaasa maqaa misirroo isa tokkoodha. Sirni kun aadaa oromoo keessatti baay’ee beekamoo, jaalatamoofi hawatoodha. Waa’ee aadaa ilaalchisee Huseen (2000)

> Ummatni Oromoo aadaa bareedaafi cululuqxuu qaba. Haa ta’u ammoo ummata akka aadaa isaa kana guddifachuuf hiree dhabee turellee aadaa isaa guddiffachuu dhiisiitii akka dhabamtuufi cilee gurraacha uffattee bifti isii jijjiiramu , dhiibbaa bara dheeraa akka irra ture dhugaa waakkatamuu miti. Itti dabalees aadaan ofii yoo qancartuufi bifa wallaalamtu godhattu arguun nama hin raffisu; akka nama heexoo dhugee garaan baasuufi gigissu, nama foolachiisa; maaliif humnaafi beekkumsa qabuun anillee, aadaa tiyya waan tokko hin goone nama jechisiisa jedha.

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu ummanni oromoo aadaa isaa miidhagaa kana akka hin guddifanne carraa argachuu dhabullee, hundeen akka badu dhiibbaafi cunqursaa bara dheeraa jala turuun isaa ni beekkama. Gama biraatiin isa aadaan teenya irraanfatamaafi badaa yoo deemtu ilaaluun namatti hin tolu. Kanaaf, akka dagaaguufi babal’atu anis dirqama koo bahuun qaba yaada jedhu of keessaa qaba. Abbaa Gadaa Roobalee (2012) waa’ee aadaa yoo ibsu aadaan jiruufi jireenya ummata tokkoo kan biraa irraa gar gar bahee kan ittiin beekkamu dhimmoota eenyummaa kan of keessatti qabu, misoomaafi ijaarsa biyya tokkoo keessatti gahee olaanaa gumaacha. Akkasumas akka furtuutti itti fayyadamuudha. Kana jechuun aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkoofi guddina biyya tokkootiif bu’uura yaada jedhu of keessaa qaba. Birhaanuun (2013:158)‘‘Aadaan Oromoo hedduudha. Isaan keessaa fuudhaafi heerumni isa tokkoodha. Fuudhaafi heerumni hawaasa oromoo keessatti bakkaafi kabaja guddaa qaba’’. Yaada armaan olii irraa wanti hubannu ummanni Oromoo aadaa hedduu akka qabuufi aadaa fuudhaafi heerumaaf iddoo guddaa qaba yaada jedhu of keessaa qaba. Aadaan fuudhaafi

heerumaa ummata Oromoo biratti aadaa baay'ee beekamoofi jaalatamoodha. Sirni kun adeemsa mataa isaa danda'e kan qabu ta'ee ;milkii ilaallachuu, jinfuu dhaabbachuu hanga kaadhimachuu keessa kan darbamu ta'uu isaafi sirni moggaasa maqaa misirroo sirnoota fuudhaafi heeruma keessatti gaggeeffaman keessaa isa tokkoofi sirna ummata Oromoo biratti baroottan darban keessatti bay'ee beekamoofi jaalatamoodha.

Kana ilaalchisuun Hanks & Hudges (1995:vii) yoo ibsan ''A person's name is abadge of cultural identity.The name that people bear are determined alarge part by the culture of that they belongs to,'' jedhu. Yaada armaan oliirraa akkuma hubachuun danda'amu, maqaan mallattoo eenyummaa akka ta'e hubanna. Gama biraan yoo ilaallu, aadaan immoo mul'istuu eenyummaa saba tokkoo waan ta'eef maqaan mallattoo eenyummaa hawaasaa ta'uun isaa hubatamuu nidanda'a. Maqaan moggaafamu sunis aadaa saba sanaan akka murtaa'u kan namatti mul'isu ta'a.

Moggaasni maqaa aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo waliin walqabataa akka ta'e barressitoonni tokko tokko ni ibsu. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Marsanii (2008:15) yoo ibsu, "Moggaasni maqaa aadaa sabaa keessaa isa tokko yommuu ta'u, hiikni maqaa moggaafamee kanaa hiika sirrii kan argatu aadaa hawaasa maqaa sana moggaase keessatti qofa," jedha. Haala kanarraa hubachuun akkuma danda'amu aadaa hawaasni bal'aan qabu keessaa tokko moggaasa maqaati. Kanarraa ka'uun akkuma afaan mallatto eenyummaa saba tokkoo ta'e maqaanis mallattoo hawaasa tokkoo ta'uu isaarraayyuu maqaan moggaafamu tokko hiika kan argatu aadaa hawaasa moggaasni itti kenname keessatti qofa akka ta'e hubanna. Haalli moggaasa maqaa aadaafi duudhaa yookaan amantii hawaasaa waliin hidhata ni qabaata. Hawaasni tokko namaaf, bakkaafi misirroof yoo maqaa baasu, yookiin moggaasu aadaa isaa bifa ibsuufi dabarsuu danda'uun maqaa moggaasa.

Akka manguddoonni Ganda Amaallamaa jedhanitti moggaasni maqaa misirroo sirna kaleessa dhalootni darban karaa ifaafi sirna qabuun akkasumas adeemsa keessa darbamuu qaban hordofanii maqaa haarawa misirroon mana warraatti ittiin waamamtuun alatti kan ofii isaanii jaalatan maqaa obboleeyyan, adaadaafi firoottan dhiyoo isaaniin ala ta'e moggaasanii ittiin waamaniidhaa jedhu.

Moggaasni maqaa aadaafi duudhaa hawaasaa waliin walqabatiinsa qaba. Kunis, Birhaanuun (2013:182) yoo ibsan ‘‘Sirnoonni guyyaa cidhaa raawwatamanii erga dhumanii booda ,maatiin gurbaafi firoottan dhiyoo misirroo sanaaf maqaa moggaasuun aadama barameedha. Sababni isaa maqaa ishiin maatii ishii biratti qabduun maatiin gurbaa ishii waamuun safuudha’’jedhu. Yaada armaan olii irraa hubachuun akkuma danda’amu guyyaa cidhaa siroonnii gara garaa erga raawwatamanii booda maatiin gurbaafi firoottan maqaa misirroof maqaa haarawa moggaasanii ittiin waamuu aaduma. Kanaaf maqaa warri isheetiin waamuun safuu akka ta’e lafa kaa’u. Moggaasni maqaa misirroo aadaa hawaasaa keessaa tokko ta’uunsaa yaada armaan oliirraa hubachuun nidanda’ama. Akkuma armaan olitti ibsame Oromoon akkuma hawaasa addunyaa irraa jiraatu misirrootaaf, bakkeewwanifi wantoota kaanif maqaa moggaasee ittiin waama. Akkaataa kanaan Oromoon aadaasaa keessatti misirroodhaaf maqaa haaraa moggaaseefi ittiin waama.

Ummanni Oromoo misirroof maqaa yoo moggaasu waan adda addaarratti xiyyeeffata. Itti dabaluun Birhaanuun (2013:183) ‘‘Akka aadaa Wallaggaatti mucaan fuudhu warraaf angafa yoo ta’e Duree, Soorettii, Sheeqqattuu, Ayyaantuufi k.k.f fi yoo quxusuu ta’e immoo Hortuu Baattuu, Guuttuufi k.k.f, yoo baasaniif, akka carraa lammaffaa fuudhe ta’e Dandeessuu, Raggaatuu, baattuufi k.k.f baasu’’ jedhu. Aadaan kun aadaa Oromoo Baaleen kan walfakkaatuu dha,Yaada armaan olii irraa akka hubannutti maqaan misirroof kan mogga’u haala gurbaan fuudhu warraaf angafaafi quxusuu ta’uurraafi hiikee lammaaffaa kan fuudhu yoo ta’e maqaan gara garaa kan mogga’uuf ta’uu nutti agarsiisa. Dabalataan gurbaan fuudhu maatii keessaa nama xumuraa ta’uurraa, ijoollee baay’eetti fuudhuurraa, haala ciini guyyaa sana itti oole, haala barri sun keessa darbee,fi k.k.f bu’reeffachuun maqaan misirroof akka mogga’us manguddoonni raga ba’u. Qorannoo kanaa keessatti haala moggaasa maqaa ilaalchisee, aadaa Oromoo keessatti akkaataa moggaasa maqaa misirroo haala qabatamaa Godina Baalee, Aanaa Agaarfaa maal akka ta’ee xiinxalee dhiyeessera.

Akka aadaa oromootti maqaan misirroof kan bahu ummata oromoo adda addaa keessatti bifaafi sirna gara garaatiin raawwatama. Haata’u malee haala qabatama Godina Baalee Aanaa Agaarfaatti misirroodhaaf maqaan kan bahu misirroon mana gurbaa fuudheetti galtee sirnoonni mimmiidhagooni adda addaa erga raawwatamee booda Sa’aatii 1:00 hanga Sa’aatii 2:00 jidduutti. Maqaa kana kan baasaniif qaamota sadi. Isaan keessaa haadhafi abbaa gurbaa fuudhee,

jaalotaafi firoottan gurbaa fuudheeti. Maqaan kunis kan ba'uuf misirroon bifaan /dhiigaan/ warra irraa dhalatte fakkaattus amalaan nu warra itti dhufte fakkaachuu isheetiif, teenya taate , walitti dhiigne ,tokko taane , ilmoo teenya jechuu kan calaqqisiisuudha. Maqaalee baheef keessaa tokko haa mirkanaa'u malee jaalonni kan ofii baafatniin waamu. Kanas maqaa itti baafatan kana jaalonni mijuufi dhangaa misirroon warraa fiddee dhufte namoota achitti argamaniifi firoottaniif maqaa himaa dhaangaafi mijuu raabsaniif; galgala sana irraa kaasee qaamotni maqaa baasaniif sunniin maqaa ishee jalqabaatiin osoo hin ta'in kan ofii baafataniin waamu.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Oromoon adeemsaafi akkaataa maqaa misirroof ittiin moggaasan aadaa mataa isaa qaba. Maqaa kanas caluma jedhanii afaanitti dhufeef yookiin akka feeteedhaan kan moggaasu osoo hin taane, sababa yookiin ka'umsa mataa isaa qaba. Kunis aadaafi duudhaa hawaasichaa karaa eegeen baroottan darbe keessatti hojiirra oolaa tureera. Kana malees Oromoon akkuma daa'imni yommuu dhalattu maqaa haaraa baaseefi ittiin waamu, misirroodhaafis maqaa haarawa yommuu moggaasu haala keessatti maqaa moggaasan kan adda addaa qaba. Qorannoon kunis xinxala sirna moggaasa maqaa misirroo irratti kan xiyyeeffateef hamman argeefi dhagahetti hawaasni aadaa bareedaa /miidhagaa/ sirna moggaasa maqaa misirroo kana irraanfataa deemaa jiraachuu isaatiifi akka Aanaa Agaarfaatti kan wal hin fakkaanneefi hawaasa tokko tokko biratti irraanfatamuu bira darbee bakkuma raawwachaa jiranittuu duraa duuba isaa eeggatee gaggeeffamaa waan hin jirreef; sirumaayyuu maanguddoonni ebalu fa'a jiranii isaantu sirna kana harkaa qabuu yookiin beekuu hanga jedhamutti ga'ama jira sila ta'eef Manguddoonni battala sanatti iddoo sana yoo hin jirre moggaasni maqaa gaggeeffamaa akka hin jirre ilaalee hubadheeti. Gama birootiin hamman argeefi gaafadhettis mata duree kana irratti qorannoon kallattiin gaggeeffame hin argine. Kanaafuu, mata duree kana irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa ta'eera.

Qorannoo kanaan qorannoon walitti dhihaatu Qorannoo Shifarraaw Kabbadaa mata duree "Xinxala Sirna Moggaasa Maqaa Oromoo Gujii" jedhuun Yuunivarsiitii Finfinneetti Hagayya 2016 Digrii 2ffaa Guuttachuuf kan dalagame yoo ta'u; qorannoon kuni immoo moggaasa maqaa misirroo xiinxaluu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef kan Shifarraaw Kabbadaatiin adda ta'a. Qorannoon xinxala sirna moggaasa maqaa Oromoo Gujii kanaan dura maqaa aadaa hawaasichaa jiddugaleessa godhateen moggaafamaa ture yeroo ammaa sababa amantiitiin walqabsiisanii jijjiiramaa dhufuu ibsan. Moggaasni maqaa misirroo immoo baroottan darban keessaa karaa sirna

qabuun, hawaasa biratti iddoo olaanaa kennaniifi gaggeessaa dhufuufi akkasumas, adeemsa mataa isaa danda'e hordofanii gaggeeffachaa turaniiru. Gama birootiin aadaa wal kabajuufi wal warroomfachuus ittiin gaggeessaa turaniiru. Yeroo ammaa kan immoo moggaasni maqaa misirroo laafaa dhufuun aadaan wal kabajuufi wal warroomfachuus irraanfatamaa dhufuun beekkumsi sirna moggaasa maqiaa misirroos maangudoota muraasa qofa irratti daanga'ee hafaa kan jiru ta'uu isaati.

Haaluma kanaan hawaasa hunda biratti bifa aadaafi safuu hawaasichaa eegee karaa walfakkaatuun raawwatamee /gaggeeffamee/ dhaloota boruutiif akka darbu barreessee kaa'uun qaba jedhee qorannoo kana hojjachuuf kan na kakaase. Gaafileen bu'uuraa qorannoo kanaa immoo:-

1. Adeemsa moggaasa maqaa misirroo maal fakkaata?
2. Maqaaleen misirroof baasan ergaa maalii qaba?
3. Nyaataafi dhugaatiin wayta moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatan fakkoommiin isaanii maali?
4. Ulaagaan maqaan misirroo ittiin mirkanaa'u maali?
5. Faayidaan moggaasa maqaa misirroo maali?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa:-

Xiinxaala Moggaasa Maqaa Misirroo Haala Godina Baalee, Aanaa Agaarfaati.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:-

- Adeemsa moggaasa maqaa misirroo adda baasuu.
- Maqaa yeroo misirroof baasan ergaa inni qabu qorachuu.
- Fakkoommii nyaataafi dhugaatii moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatan ibsuu.
- Ulaagaalee maqaan misirroof bahe ittiin mirkanaa'u xinxaluu.
- Faayidaan maqaa baasaa misirroo maal akka ta'e ni ibsu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuu kan barbaachiseef afoolli dhaloota irraa dhalootatti afaaniin kan darbu waan ta'eef sirni moggaasa maqaa misirroo aadaa, muuxannoo hawaasni oromoo bara dheeaa lakkoofsisaa dhufe kana qabiyyeen isaa hubatamee dhaloota boruutti akka darbuuf hawaasa oromoo hunda biratti bifaafi adeemsa wal fakkaatuun akka gaggeeffamu gochuudha. Qaamota bu'aan qorannoo kana irraa argamu ni gargaara jedhamee yaadamus:-Dhalootni amma jiru aadaa kana itti fayyadamee dhaloota boruutiif akka dabarsu gochuuf,namoota gara fuulduraatti qabiyyee kana irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu danda'a, Barsiisota Afaan Oromoofi aadaa barsiisan gargaaruu danda'a.Akkasumas Biiroo Aadafi Turiizimiitiif akka barruu seenaa ta'ee dhaloota dhufu gargaaruu danda'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Sirnoota aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo keessatti gaggeeffaman heddutu jiru. Isaan keessaa muraasni:- sirna moggaasa maqaa misirroo, sirna dhoqqee loonii dura buusuufi guuruu, sirna misirroowwan aanan unsiisuu fi damma dhandhamsiisuu, sirna hiddii okota kaa'uufi harcaasaa deemuu, sirna dhahoo dhachuufi kan kana fakkaatani. Sirnoota kanneen hunda yeroo tokkotti gaggeessuuf yeroofi maallaqa baay'ee nama gaafata; gama birootiin sirni maqaa baasaa misirroo kun irraanfatamaa deemuu bira darbee iddoo tokko tokkotti badaa jiraachuu isaa hubadheeti. Kanaaf qorannoon kun xiinxala sirna moggaasa maqaa misirroo haala qabatama Godina Baalee Aanaa Agaarfaa, Ganda Qotee Bulaa Amaallamaa irratti daanga'e.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Sirnoota fuudhaafi heeruma keessatti gaggeeffaman hedduun jiraataniyyuu sirnoonni qorannoo kanaan osoo hin xiinxalamin hafan heddutu jiru. Isaan keessaa guguddoon sirna dhoqqee loonii dura buusuufi guuruu, sirna misirroowwan aanan unsiisuu, sirna damma dhandhamsiisuu, sirna hiddii okota kaa'uufi harcaasaa deemuu, sirna dhahoo dhachuu, sirna hoolaa rakoo qalachuufi k.k.f bakka tokkotti gaggeessuun ni ulfaata. Kanaaf qorannoo kana keessatti wantoonni xiinxalaman sirna moggaasa maqaa misirroo qofaadha. Sirnoota fuudhaafi heeruma keesstti gaggeeffaman kanneen biroo/hafan/ kaasuu irratti ni hanqata.

1.7. Haala Hundeeffama Magaalaa Agaarfaa

Aanaa Agaarfaa Gandoota soddomii jahaafi (36)fi Magaalota afur (4) kan qabduudha. Magaalaan Agaarfaa immoo Godina Baalee Aanaa Agaarfaa keessatti kan argamtu taatee; Finfinnee irraa karaa bahaatiin km 461 fagaattee kan argamtuudha. Akkasumas, Godina Baalee,

Roobee irraa kallatti kibba lixaatiin argamti. Fageenyi Godinicharraa qabdu km 30 fagaatee kan argamtu akka ta'e odeeffannoo Waajjira Misooma Qonnaa Aanaa Agaarfaa irraa argame ni ibsa. Gama biraatiin Magaalaan Agaarfaa kan hundoofte A.L.I bara 1928 yoo ta'u qaama seerummaa immoo A.L.I bara 1957 akka argatte ragaan Bulchiinsa Magaalaa Agaarfaa irraa argame ni addeessa..

1.6.1. Haala Moggaasa Maqaa Magaalatti

Moggaasni Magaalaan Agaarfaa jedhu Kun maqaa gosa Agaarfaa jedhu irraa kan dhufe ta'uu manguddoonni ragaa ba'u.

Yeroo sanatti Bulchiinsi Godinaa yookiin maqaan yeroo sana ittiin waaman Awuraajjaa jedhama ture. Awuraajjaan yeroo sana maqaa Mandooyyuu jedhamuun beekamu. Garuu yeroo sana yeroo Mootummaa Hayilasillaasee ture.Moggaasni maqaa magaalaa Agaarfaa jedhamu kun immoo , kan dhufe yeroo sana keessa gosa Agaarfaa jedhamu kan warra Sayyida Harroo jedhamee beekkamu karaa daangaa Godina Arsii Bahaa qarqara laga Waabee jiraatan irraa kan ka'een kan mogga'eedha.

1.6.2. Dhaabbilee Hawaasummaa

Dhaabbilee hawaasummaa Aanaa kana keessatti tajaajilan kanneen akka tajaajila fayyaa, buufata fayyaa,Mana Barumsaa , keellaa fayyaa ,Waajjira Bulchiinsaa, kan qabduufi mana qorsaa dhuunfaa fi mootummaa kan qabdu ta'uu ishii ragaan Wajjiira Eegumsa Fayyaa Aanichaa irra argame ni addeessa.

1.6.3. Jaarmiyaalee Hawaasummaa

1.6.3.1. Aadaa

Hawaasni kun jaarmiyaalee aadaas hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni kanneen akka aadaa fuudhaafi heerumaa, walgargaarsaafi nyaata fa'aadha. Aadaa fuudhaa heerumaa keessaa beekamoon kanneen akka naqataa (kadhanna) sabbat marii, kallacha, dhaala, waliin deemachuu fa'aadha. Aadaan wal gargaarsaa immoo kanneen akka daboo, qaboo, iqqubii, afooshaa fa'a. Nyaatni aadaa naannoo sana marqaa, buraatoo, caccabsaa, cuukkoo, buddeena, daabboo, qixxaa, qorsoofi k.k.f isaan beekamoodha.

1.6.3.2. Amantii

Hawaasni Aanaa Agaarfaa walakkaan isaanii amantii ortodoksiifi walakkaan immoo amantii Islaamaa hordofu. Kana malees amantii pirootestaantii kan hordofan ni jiru. Amantiin waaqeffannaa immoo kan hordofan lakkoofsaan baa'yee xiqqaadha.

1.6.3.3. Afaan

Afaan ummanni Aanaa Agaarfaa ittiin walii galu baa'inaan afaan Oromooti. Afaan Oromoo kun Aanaa Agaarfaa keessatti afaan hojii ,afaan bulchiinsafi afaan barnootaati.Afaan naannoo sanatti akka afaan lammaffaatti kan itti fayyadaman afaan Amaaraati. Afaan Amaaraa kun irra caalatti kan dubbatamu naannawa magaalaatti qofa. Afaan inni sadaffaan immoo afaan warra Duubee jedhamuun beekamu yoo ta'u, afaan warra Duubee namoota qarqara laga Waabee jiraataniin dubbatama.

BOQONNAA LAMA: 2. SAKATTA'IINSA OG BARRUU

2.1. Gooroowwan Fookloorii

Gosoota fookloorii hayyuuwwan fookloorii akkaataa hubannaa isaanii irratti hundaa'un garee adda addaatti qooduuf yaalaniiru. Isaan keessaa hayyuu Okpewho (1992), gosoonni fookloorii raagoowwwan, af walaloofi kanneen unkaa gaggabaaboo qaban jedhee qooda. Itti dabaluun hayyuun Coyle (1993:978), immoo yommuu kaa'u, "Folk literature divide in to four large generic areas: Folk narratives, folk poetry, songsand folk drama" jechuun iddoo afuritti qoodee lafa kaa'a.

Kanuma irraa ka'uun fooklooriin dameewwan adda addaa qabaachuu isaa hayyuun Dorson (1972), itti dabalee iddoo afuritti qoodee lafa kaa'a. Isaanis Afoola, Meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii sochii qaamaati. Walumaagalatti fookloorin adeemsa jiruuf jireenya dhala namaa keessatti sirnoota garagaraa irratti raawwataman hundi fookloorin walqabatanii bifaafi amala isaan qabaniifi waan isaan oolaniif irratti hundaa'un iddoo afuritti qoodamuu isaa hubanna.

2.2. Yaad-Rimee Fookloorii

Yaad-rimee fookiloorii Finnegan R.(1977:39) akka waan bu'aa walfakkoommii (as aproduct of homogenous) uummata duubatti hafoo (un sophisticated people) walitti hidhatiinsa hariiroo qaamaa waliin qaban (common physical bonds)fi faayama waliin isaan ibsu kanneen qaban akka ta'e ibsite. Akka yaada hayyuu kanaatti, hawaasni fookloorii jireenya durii (hin hammayyoomin) kanneen yoomessa uumamaa keessatti jireenya duudhawaa jiraatani dha. Uummata duubatti hafoo (unsophisticated people) jechuun immoo kanneen yoomessa uumamaa keessatti waliin jiraataniifi namooman walitti hidhata qabaatan ta'uu agarsiisa. Solomon (2007:6) hayyoota Alen Dandesfi Steven Martin wabeeffachuun akka ibsetti, yaadota gurguddoo lama of jalatti hammata. Isaanis dhimmoota qoratamaniifi saayinsii dhimmoota kanneen qoratu dha. Akka hayyuun kun kaa'etti, jechi 'folklore' jedhu dhimmoota qorataman yoo ta'u, saayinsiin dhimmoota fookloorii qoratu immoo qorannoo fookloorii (folklore studies), qorannoo haala jireenyaa (folklife studies)fi fooklooristiks (folkloristics) jechuun itti fayyadamaa turan. Solomon 2007:6) itti dabaluun Wiliam John Toms jecha "folklore'' jedhu moggaasuun eega itti fayyadamee, moggaasni Afaan Jarmanii 'volkuskunde' jedhu dhiibbaan irra ga'uu ibse. William John Toms jechoota Afaan Ingilizii " folk ''fi '' lore'' walitti fiduudhaan jecha " folklore '' jedhu osoo hin uumin dura jecha Afaan Jarmanii " volkuskunde '' jedhamuun akka waamamaa ture hayyuun kun ibsee jira.

2.3. Maalummaa Fookloorii

Ogeeyyin fookloorii garaagaraa yeroo garaagaraatti maalummaa fookloorii haala garaagaraan kennaa turaniiru**.** Kunis fooklooriin adeemsa dheeraa keessa darbee waan as ga'eef, umurii dheeraa kana keessatti, hayyoonni fookloorii kallattii adda addaatiin maalummaa fookloorii kennaa waan turaniif ta'uu danda'a. Kanneen keessaa Simsfi Stephens (2005),

Folklore is informally learned,unofficial knowledge about the world, ourselves, our communities, our beliefs, our cultures and our traditions, that is expressed creatively through words, music, customs actions, behavior and matwrials, It is also the interactive, dynamic process of creating, communicating,and performing as we share that knowledge with other people. Simsfi Stephens. (2005:8)

Akka yaada waraabbii kanaatti, fooklooriin beekumsa al-idileen baratame, haala hin beekamneen karaa addunyaa, mataa keenya, uummata keenya, amantaa keenya, aadaafi duudhaa keenya isa ogumaan karaa afaanomaa, muuziqaa, duudhaa hawaasaan, gochaan, amalaafi meeshaaleen darbu dha. Akkasumas, walitti dhufeenya, kalaqa adeemsa jijjiirramaa hordofu, walquunnamtiifi aartii sochii qaamaa uummattoota biroo wajjin waliif qoodani.

Steven A. (1964:552) maalummaa fookiloorii yoo ibsu, ''Folklore is the traditional beliefs and customs of a community based on by ward of mouth". Akka yaada waraabbii kanarraa hubatamutti fooklooriin duudhaa, amantaafi barsiifata hawaasa tokkoo kan afaanomaan dhalootaa-dhalootatti darbu ta'uu agarsiisa.

Kunis hawaasa hariiroofi eenyummaa walfakkaatu qabu keessatti ta'uu isaa akka danda'u agarsiisa.Haala kanaan hawaasummaan kamiyyuu miira akkanaatiin "folk" jedhamuun beekama.

2.4. Maalummaa Maqaa

Maalummaa maqaafi moggaasa maqaa ilaalchisee barreessitoonni garaa garaa yaada addaa addaa yeroo garaagaraatti yaadiddamoota tokko tokkoo kaa'anii jiru. Boqonnaa kana jalatti yaadni hayyootaa dhimma maqaafi moggasa maqaa waliin walqabatee barreessan maal akka fakkaatan sakatta'amanii akka ilaalaman ta'eera. Sakatta'insa barruu adda addaa kana keessaatti akkaataan hayyoonni afaani maqaafi moggaasa maqaa ibsan xiinxalamee dhiyaateera. Kunis maalummaa maqaafi moggaasa maqaa bu'ureeffachuun waan barreessitoonni jedhan maal akka fakkaatu hubachuuun odeeffannoo xinxalame wajjiin walbira qabuun yaanni hayyooonni lafa kaa'anii jiraniifi haala qabatamaa yeroo ammaa Aanaa Agaarfaa ,Ganda Amaallamaa filatame keessatti argamu wal bira qabuun mirkaneessuf qorataa gargaareera.

Oromoon jiruufi jireenyasaa keessatti aadaa, duudhaafi safuu ittiin waa raawwatu qaba. Aadaansaa kunis akka mallattoo eenyummaa hawaasichaatti tajaajila. Aadaa Oromoon qabu keessaa tokko akkaataa moggaasa maqaati. Oromoon maqaa misirroo yeroo moggaasu jecha afaanitti dhufeen qofa kan moggaasuu miti. Misirroodhaaf yeroo maqaa moggaasu waan bu'ura godhatee moggaasu qaba. Qorataanis barruu adda addaa moggaasa maqaafi moggaasa maqaa waliin waan wal qabatan, sakatta'uun yaada hayyoonni maqaafi moggaasa maqaa ilaalchisee ibsanii jiran keessaa hangi tokko maal akka fakkaatu akka armaan gadiitti dhiyeessera. Maqaan moggaasa namaa, bakkaa yookaan waan tokkoo isa biroorraa addaan baasuun ittiin waamuuf kan kennamu ta'ee namni yookaan waan maqaan kennameef sun dhuunfaatti kan ittiin beekamu ta'a. Kanaanis namni tokko isa biraarraa, akkasumas waan tokko warra kaanirraa adda baasuun beekuun nidanda'ama.

Yaada kana ilaalchisee, Abdulsamad (1994:51) yoo ibsu, "Jechoonni namaaf, bakkaaf, meeshaaf, gochaaf yookaan yaadaf moggaafaman maqaa jedhamu," jechuun kaa'a. Yaada Abdulsamad kanarraa akkuma hubachuun danda'amutti maqaan moggaasa namaa, bakkaafi wantoota biroo kan mul'ataniifi kan hin muldhanneef kan kennamu akka ta'e yaadni barreessaa kanaa ragaadha. Haala qabatamaa naannoo qorannoon kun itti raawwatameetis, jireenya isaa keessaatti hawaasni wantoota kanaa oliif adda baasee ittiin waamuuf maqaa moggaasee yeroo tajaajilamu hubanna. Maalummaa maqaa gama ilaaluun yaada armaan olii kan deeggeru, Crystal (1989:12) yoo ibsu, "A name is a word or a phrase that identifies specific person, place or things," jechuun kaa'a. Maqaan bakka bu'aa wanta qabatamaan yookaan yaadan jiru tokkooti. Kana jechuun utuu "qeerransi" hin jirre maqaan bineensa san bakka bu'ee fakkii isaa sammutti nuu fida jechuudha. Kana ilaalchisuun Geetaachoo (2009:97) yoo ibsu, "Maqaan jecha nama, iddoo, meeshaa, yaadafi kan kana fakkaatan bakka bu'uudha," jedha. Kanarraa ka'uun maqaan kan namni yookaan wanti tokkoo ittiin baeekamuufi bakka bu'aa ta'uullee nu agarsiisa.

Yaada kana kan deeggeru, Tafarii (1988:98) yoo ibsu, "Maqaaleen ittiin waamama namootaa, bakkafi wantootaaf kennamuudha," jechuun kaa'a. Akka yaada kanaatti namoonni bakkiifi wantoonni kan ittiin waamaman ta'uu agarsiisa. Walumaa galatti akka yaadoolii armaan olitti kennaman irraa kan hubatamu maqaan kan namoonni, bakkeewwaniifi wnatoota biroo adda basuun ittii waamaman ta'uu agarsiisa.

2.5. Maalummaa Moggaasa Maqaa

Moggaasni maqaa jiruufi jireenya hawwasummaa keessatti kan dhalli nama, namootaaf bakkeewwaniiifi wantoota biroof maqaa ittiin baasu dha. Maqaan yeroo moggaafamu cal-jedhee osoo hin taane wantoonni xiyyeeffannoo keessa galan heddutu jiru.

Yaada kana Kan deeggaru Steward (1967:65) irratti yoo ibsu, "*Names are not consciously planned like the origin and characterstics of language. It depends on some conditions during or before it is given to a fellow or things*," jedha. Yaada kana irraa akka hubatamutti moggaasni maqaa karoorfamee osoo hin taane haala yeroo moggaasni sun kennamu ture bu'ureeffachuun kan kennamu ta'a. Kana jechuun dursee yaadee itti qophaayee osoo hin taane haala yeroo sanaarratti kan hundaa'u ta'uu kan mul'isu ta'a.

Kunis moggaasni maqaa kan murtaa'u, haala yeroo guyyoota dhalootaa, fedhiifi muudannoo yookaan haala qabatamaa ta'uu danda'a jechuudha.

2.6 Moggaasa Maqaafi Aadaa

Moggaasni maqaa misirroof, daa'immaniifi bakkeewwan yoo kennamu aadaa saba yookaan hawaasa moggaasa sana kennee keessattii hiika qabaachutu irra jira. Kana jechuun moggaasni maqaa uumama afaanii wajjin kan wal qabateefi afaan immoo ibsituu aadaa saba tokkooti. Haaluma kanaan, ummanni Oromoo akkuma hawaasa biraa misirroof, daa'immaniifi bakkeewwaniif yoo maqaa moggaasu akkataa kanaa olitti ibsameen ta'u. Kun akkuma jirutti ta'ee Oromoo garuu aadaa, safuufi duudhaa mataasaa qaba. Yeroo daa'imman isaaf maqaa baasu, fedhii, hawwii yookiin abdii, gadda, gammachuu qabu, akkasumas bakkeewwaniif taateewwan, maqaa namaa, haala teessuma lafaafi qilleensaa ,muudannoofi taateewwan guyyaa sanaa yookiin bara keessa jiranii bu'uura godhachuun maqaa moggaasa. Haaluma kanaan yeroo misirroof maqaa moggaasus keessuma adeemsafi tartiiba mataa isaa qaba.

Yaada armaan oliirraa akkama hubachuun danda'amutti, moggaasa maqaa aadaa hawaasichaan kan murtaa'u ta'a. Kunis hiikni maqaa mogga'u sanaa ta'u ifa kan ta'u irra caala aadaa hawaasa maqaa moggaase Sanaa keessatti ta'a, jechuudha. Kana ilalchisee Smith (1969:268) yoo ibsu, "*The exact connotation of each name is that in the mind of the giver*," jedha. Yaada kanarraa kan hubanu, hiikni moggaasa maqaa sammuu nama maqicha moggaasuu kessaa akka maddu agarsiisa. Haaluma kanaan moggaasni maqaa daa'immaniifi bakkeewwanii hiika guutuu argachuu kan danda'u aadaa hawaasa maqaan sun keessatti kenname biratti qofa ta'a.

Akka fakkeenyaatti maqaan “Caalaa, Taliilee” jedhu Oromoo biratti malee hiika qabaachuu kan hin dandeenye yoo ta’u, maqaan “Tsahaay, Girmaa” jhedhu immoo hawaasa Afaan Amaaraa beeku biratti qofa hiika qabaata. Haaluma kanaan walitti dhufeenya aadaafi moggaasa maqaa ilaalchisee “Smith” kan kaa’e kana deeggaruun Dunkling (1977:47) yoo ibsu, “*Men give names depending on culture of the society. Name have been given inmystical relationship between the name and the person who heard,*” jedha. Yaada kanarraa akkuma hubatamu maqaan daa’immaniif bakkeewwaniiif yeroo moggaafamu aadaa hawaasaa keessa jiru sana bu’uura kan godhatee ta’uu agarsiisa. Kanarraa ka’uun moggaasa maqaa akkuma aadaa hawaasa biraa yoomessa keessatti raawwatu niqaba. Hiiknifi iccitiin moggaasa maqaa keessa jiru sirriin kan beekamu aadaa hawaasa moggaasni kenname keessatti akka ta’e hubachiisa.

Moggaasni maqaa misirroo immoo Birhaanuun (2013:185) akka jedhanitti “Guyyaa cidhaa sirnoonnii addaaddaa erga raawwatamnii maati gurbaafi firoottan dhiyoo misirroof maqaa moggaasuun aaduma. Maqaa isheen maatii biratti qabduun waamuun safuudhaa, kanaaf ni lagatu jechuudha.Yoo maqaa ishiin dura qabduun haatif abbaan gurbaa waaman qaanii guddaadhaa’’ jedhu.

Yaada isaanii irraa akka hubannutti sirnootani adda addaa guyyaa cidhaa erga raawwatamanii booda maati gurbaafi firoottan dhiyoo misirroof maqaa baasanii; maqaa warri ishee baaseen waamuun garuu qaaniif safuu akka ta’e himu.

Garaagarummaan moggaasa maqaa daa’immaniifi misirroo jidduu jiru maqaan daa’immaniifi ba’u irra caalatti hawwii daa’imaaf qaban, jaalala ibsachuufi akka feeteedhan maqaa jabanaafi itti bareede qofa kan baasaniif yoo ta’u maqaan misirroof moggaafamu garuu mudannoofi muxannoo gurbaa fuudhufi haala oolmaa guyyaafi bara cidhni sun keessatti gaggeeffame irratti hundaa’ee akka raawwatamuudha. Inni biroo ammo maqaa daa’imaa kan moggaasu maatii, Akkoofi Akaakayyuu akkasumas darbee darbee Adaadaan kan mogga’u yommu ta’u, kan misirroo garuu qaamolee gara garaa haadhafi abbaa, jaalotaafi firoottan bakka moggaasa maqaa irratti argaman sadeen akka ta’eefi yoomessa irratti hundaa’ees daa’imaaf dhalattee bultii hanga guyyaa shanii keessatti mana haadhaafi abbaatti mogga’aaf; misirroof garuu umrii heerumaaf geessee erga heerumtee mana gurbaa fuudheettiyoo ta’u; tokkummaan moggaasa maqaa daa’immaniifi misirroo ilaalchisee lachuu maqaa haarawa moggaasanii ittiin waamuu akka ta’e manguddoonni ragaa ba’u

2.7. Adeemsa Moggaasa Maqaa Misirroo

Adeemsi maqaa baasaa misirroo guyyuma sirni fuudhaafi heerumaa gaggeeffamu akkuma misirroon mana gurbaa fuudhuu geesseen warri gurbaa fuudhuu misirroo simatanii haati siinqee, elemtuu, dhoqqee loonii, hiddiifi irreessa qabattee balbalatti simatti; hanga mana gahanii dhoqqee loonii dura buusaa aanteen ishee duubaan guuraa manaa jala itillee afaniifi teechisanii haatii gurbaa fuudhee iddoo misirroonni taa'anitti aannan itti biifuun aannan unsiisanii dammas dhandhamsiisuun bakkuma teessee jirtutti qaamolee sadeen sirna moggasa maqaa gaggeessuun maqaa tokko mirkaneessaniifi hiddii okotatti naqanii yommuu kaatu hiddii harcaasaa jalaa guuran gara manichaa deemuun balbala manaa dura yommuu ga'an misirrittiin hoolaa mataa gadi qabdeefi gurbaan fuudhu hoolaa rakoo qalee dhiiga hoolaa irra ijjatanii gara manaatti ol galanii sana booda jaalonni namoota sirf.nicha irratti argaman maqaa haarawa mogga'ee sagalee caalmaa argate dhageessisuun ni mirkanaa'a. Jaalonni maqaa haarawa baasaniif kana kan beeksifatan Daabboo, Araqeefi Cuukkoo jechuun dhangaafi mijuu misirroon mana haadhaatii fiddee dhufte namoota achitti argaman hundaaf kennuun ta'a. Namoonni dhangaafi mijuu jaalota irraa fudhatus kan eenyuti jedheet gaafata. Guyyaa sanii jalqabee jaalotaafi warri gurbaa fuudhee maqaa amma baasaniif kanaan waamu. Kanaaf, maqaa baasaan misirroo adeemsa mataa isaa danda'e kan qabu ta'uu isaati.

2.8. Faayidaa Moggaasa Maqaa Misirroo

Akkuma aadaa oromootti maqaan kan waan tokko adda isa baasee akka ittiin beekkamu isa taasisuudha. Maqaan misirroo moggaafamu tokko hawaasa maqaa sana moggaasu keessatti faayidaa mataa isaa niqaba. Kunis maqaan sun hawaasa sana keessatti hiika mataa isaa qaba waan ta'eefi. Kunis namni sun saba kami irraa akka ta'eefi bu'urri moggaasa sanaa maal akka ta'ellee tilmaamuu nama dandeessisa. Namoonni tokko tokko garuu maqaan isaanii ittiin waamamuu bira darbee hiikaafi maqaan sun maaliif akka isaani mogga'e ibsuuf nirakkatu. Kana ilaalchisee Abdulsamad (1994:51) yoo ibsu, "Maqaan jecha yookaan gaalee afaan sanaa isa xiqqaa ta'ee hawwii, abdii, yaada, ilaalcha, seenaa, amantii yookaan aadaa isaani ittiin ibsachuu danda'an ta'a" jedhu. Maqaan qaama aadaa waan ta'eef, mallattoo eenyummaafi aadaa hawaasa keessaa tokko akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Maqaan moggaafamu tokkoos aadaa hawaasa bal'aan akka murtaa'us yaadni armaan olii nihubachiisa. Kanaaf maqaan mul'istuu aadaafi eenyummaa nama tokkooti jechuun nidanda'ama.

Maqaan ibsituu aadaa hawaasaa ta'uun tajaajiluu danda'a. Kana ilaalchisuuun, Hanks & Hodges (1995:VII) yoo ibsan "*A person's given name is a badge of cultural identity. It is difficult to imagine human culture without personal name. The name that people bear are determined in large part by the culture that they belongs to*," jedhu.

Yaada kanarraa akka hubannutti maqaan qama aadaa waan ta'eef, mallattoo eenyummaafi aadaa hawaasa keessaa tokko akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Maqaan moggaafamu tokkoos aadaa hawaasa bal'aan akka murtaa'us yaadni armaan olii nihubachiisa. Kanaaf maqaan mul'istuu aadaafi eenyummaa nama tokkooti jechuun nidanda'ama. Maqaaleen moggaafamanis hawaasa sana keessatti hiika mataa isaa qaba waan ta'eef saba tokko kan biroo irraa addaan baafnee hubachuuf moggaasni maqaa iddoo guddaa qaba. Kanaaf namni sun saba kami irraa akka ta'eefi bu'urri moggaasa sanaa maal akka ta'ellee tilmaamuu nama dandeessisa. Yaada kana kan cimsuu Danesi, M (2004:104*), "All names have historical andcultural specific meanings…Documents reveal that early peoples gave some a name with adefinite knowledge of its meaning."* Yaada kana irraa waanti hubannu bu'uurri moggaasa maqaa seenaafi aadaa hawaasaati. Hiikni maqaalee namootaa hiika kan qabaachuu danda'u aadaa hawaasichaa keessatti qofaa akka ta'e ibsa. Akka waliii galaatti yoo ilaallu, maqaa isaatin caalmaadhaan nama sana hubachuun akka danda'amu, yaada barresittoota kanaarraa argachuun danda'ameera.

Akkasumas, moggaasni maqaa misirroo maqaa intalli heerumtu warra ishee biratti ittiin beekkamtu (waamamtu)n alatti guyyuma heerumte galgala sanaa kaasee maqaa ofii isaanii baasaniif ,teenya jechuufii jaalalaafi kabaja isheef qaban irraa kan ka'eefi kan ofii taasifachuuf warra irraa dhalatteen walitti dhiigne yookiin walitti firoomne yaada jedhurraa haala mucaan fuudhe sun warraaf angafaafi quxusuu ta'uu isaarraa, haala cidhni guyyaa sana itti oolefi haala bara sanaa irratti hundaa'anii baasuufi ittiin waamus sana booda akka intalafi obboleettii isaanitti ilaalu. Akka walii galaatti yoo ilaallu, maqaa isaatin caalmadhaan nama sana hubachuun akka danda'amu manguddoonnii ragaa bahu.

2.9. Maalummaa Moggaasa Maqaa Misirroo

Dhalli namaa miira xiinsammuutiin socho'a. Dhimmi kun keessattiyyuu karaa tokkoonis ta'ee karaa biraatiin fedhiin isaa akka guutamuuf barbaada. Dhimmoonni hawwii, fedhii, dhageettiif aadaa keessa dhala namaa karaa adda addaatiin ifa ba'a. Kuni ammoo wanta faayidaa qabeeyyii dhala namaa faana wal qabatan hunda eenyummaafi aadaa ummatichaa faana hidhata guddaa qaba. Akka yaada hayyuu kanaatti fookilooriin qabeenya hawaasaa ta'ee kanneen namoonni dur

kan hin baratin itti fayyadamaa turee adeemsa jijjiiramaa keessa har'a gahee hawaasni yeroo ammaa bifa ammayyaa'waa ta'een itti gargaaramaa jiru jechuudha. Akkasums beekumsa namni hin baranne durii eegalee itti fayyadamaa har'a gahe akka ta'e Dundes (1965:121) ni ibsa.

Folklore includes myths, legend, folktales, joks, proverbs, riddle chalcharms, blessing,curses, oaths, insults, reforts, taunts,teases, toats, toungue twister & greating& leaves alking formuls. It also includes fol folkcostume, folk dance, folkdrama, folk art folk belief or superstation,folk medicine, music eg. Riddle tunes folk songs…" jecuun ibsa.

Akka hayyuun kun kaa'etti fooklooriin adeemsa jiruuf jireenya ilmaan namaa keessatti wantoota raawwatamaa tureefi ammas raawwatamaa jiru kanneen akka duudhaa hawaasaa, aartii duudhaa, hurruubummaa, qorsa aadaa uffata aadaa akkaataa walgargaarsaa, himtee, hiibboo, mammaaksa, baacoo, diraamaafi kkf kan hawaasni jireenya guyyaa keessatti itti fayyadamaa turaniifi ammas itti fayyadamaa jiran wajjiin walqabata.

Walumaagalattii fookilooriin adeemsa hawaasni tokko waliin jireenya keessatti waan isaan wajjiin qaban sana yoomessa uumamaa keessatti aadaa kunuunsuun dhalootarraa dhalootatti bifa bareedaa ta'een dabarsee har'aan ga'e boruufis akka kaawwatu adeemsa mataa isaa danda'e qaba jechuudha.

Akka maanguddoonni Ganda Qotee Bulaa Amaallamaa jedhanitti aadaan moggaasa maqaa misirroo baroottan dheeraaf Abaabayyoonnifi Akaakayyoonni teenya itti fayyadamaa kan turaniifi ammas itti fayyadamaa kan jiran, sirnaafi adeemsa mataa isaa danda'e kan qabu meeshaaleen hawaasa Oromoo biratti ulfinaafi kabaja guddaa qaban wayta raawwii moggaasa maqaaf oolan kan mataa isaa danda'e kan qabuufi maqaa warri ishee baaseeniin waamuun safuufi qaanii ta'uu isaa natti himanii jiru.

Moggaasni maqaa misirroo adeemsa keessa darbamu kan qabuufi akkasumas ulaagaa maqaan qaamonni gara garaa baasaniif keessaa ittiin mirkanaa'u kan qabuufi yoomessa mataa isaa kan qabu keessattuu mana gurbaa fuudheett galgala sa'aa 1:00 hanga sa'aatii 2:00 jidduutti kan mogga'u yoo ta'a; maqaan dhalootaa daa'imni dhalatte guyyoota muraasa keessatti maqaa kennamuudha. Maqaan dhalootaa kun akka aadaa Oromootti guyyoota shan booda akka moggaafamu Filee Jaalataa (2016:176),"Sirni maqaa moggaasuu Oromoo biraatti bakka guddaa qaba. Oromon maqaa dhala isaa kan moggaasu daa'imni erga dhalatte guyyoota shan booda

jedhu, Sababni isaas, akkaataa falaasama Oromootti namni tokko dhalatee ulaagaa seera namummaa kan guutuu guyyota shan boodaadha".jechuun ibseera. Ibsa kana irraa waanti hubannuu daa'imni dhalattee guyyoota shan booda maqaan haarawni kan moggaafamuuf ta'uu agarsiisa. Kanaaf moggaasni maqaa misirroofi kan daa'imaa garaagarummaa yoomessaa, adeemsaafi haala ittiin mirkanaa'u kan qabu ta'uu isaati.

Tokkummaan moggaasni maqaa misirroofi daa'immaniif mogga'u lachuu maqaa haarawni mogga'eefi akka ittiin waamaman dhuunfaan kan namni tokkoofi hawaasni eenyu akka taate kan ittiin beekamuufi maqaa dhunfaa ta'uun isaa manguddoonni ni ibsu.

3. Yaaxinaalee Fookloorii (Theories of Folklore)

Qorannoo tokko geggeessuuf wantoonnirratti xiyyeeffatamu qaban keessaa inni ijoo yaaxina qorannooti. Zoltan (2005:255) yaaxina qorannoo yemmuu ibsu, sakatta'a barruu keessatti yookaan jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu inni biraan yaaxxina qorannoon sunirratti bu'uuruu qabuudha. Dhimmi kun ammoo kallattii biraan qorannichaaf dallaa akka ijaaruuti, jedha.

Bu`aa kallattii beekumsa tokko argamsiisuuf qabuufi daandii inni beektota /hayyootatti agarsiisuuf qaburratti bu`uuruun hayyuun Dorson, R. (1964) jedhamu "dayeessawwan fookloorii jiran haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka garaa garaatti qooda: ideology, contextual, historical-geographical, historical-reconstructional, hemispheric, mass-cultural, functional, psychoanalytical, folk-cultural, cross-cultural, structural fi oral-formulaic kanneen jedhamanidha". Yaaxinaalee kanneen keessaa qorannoon kanaan kan walqabatan yaaxina irra deebi'anii ijaaruu (historical-reconstructional theory), yaaxinna fayyadamaafi yaaxina aadaa hawaasaa (folk-cultural theory) yoo ta'an kunneenis akka armaan gadiitti ibsamu.

3.1. Yaaxinna Irra Deebi`anii Ijaaruu (Historica-Reconstructiona)

Daayeessi kun duudhaan hawaasaafi fookloorii durii irra deebi`amuun tajaajilaaf ooluu akka qaban kan kaa'udha. Akka yaada Yaaxinna kanaatti waantota ammaaf kan bu`uura ta`e waan durii sababii ta`eef, qorannoo fookloorii kan ammaas ta`e kan durii qorachuuf waantota durii duubatti deebi`uun ilaaluun barbaachisaa ta`uusaati. Egaa gabaabumatti yaada kanarraa waanti hubatamu fookloorii bade tokko irra deebi`anii lubbuu itti horuufis ta`e kan amma argamu cimsuuf waan durii duubatti deebinee ilaaluun akka gaarummaa qabuudha. Kanaafuu, qorannoo fookloorii keessatti haala kana tajaajilamuun bu`aa qabeessa ta`uu isaa mul`isa.

3.2. Yaaxinna Fayyadamaa

Yaaxinni fayyadamaa akaakuuwwan yaaxxina fookloorii keessaa tokko ta'ee, qorannoo mataa duree fooklooriin walqabatan kallattii ittiin tajaajila yookaan faayidaa hawaasaaf kennuun qorachuuf kan fayyaduudha. Fooklooriin yemmuu qoratamu faayidaa/tajaajila inni qabuun kan qoratamuudha. Sababni isaa faayidaan kun hin xinxalamu taanaan faayidaan fooklooriin tokko qabu osoo hinbaramiin hafa jechuudha. Dabalataan, yaaxinni fayyadamaa aadaa uummataa keessatti faayidaa inni kennu maal akka ta'e, jiruufi jireenya keessatti ga'een inni taphatu, malli ittiin qoratamu yaaxina fayyadamaa jedhama. Wiliam Bascom (1965) yaaxina kanatti fayyadamuun firiiwwan fookloorii jireenya uummataa keessatti maal akka fayyadaan gadifageenyaan ittiin qorachaa ture. Akka hayyuu kanatti, fookloorii yemmuu qorannu faayidaafi tajaajila inni kennu maal akka ta'e, qorachuun barbaachisaadha, jedha. Dorson (1972) Franz Boas wabeeffachuun fookloorii yemmuu ibsu, yaaxinni fayyadamaa yookaan tajaajilaa fooklooriin hawaasa tokkoof akkamitti akka tajaajila kennu kan qoratuudha.

3.3. Yaaxinna Aadaa Hawaasaa (Folk-Cultural Theory)

Yaaxinni kun kan madde qu`attoota duudhaa kan ta`an kanneen akka Iorwertth Peate, Don Yoder fa`iini. Kaayyoon fookloorii kanaas hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimuufi bu`aan hawaasaa (waantota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo akka argatu taasisuudha. Akka yaada yaaxina kanaatti qu`annoon hammayyaa ta`e yaaxina qofaa kan giduu galeessa godhate miti. Odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii, waan durii irra deebi`anii fayyadauu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa`ee fookloorii sanaa kan agarsiisudha. Kanaafuu, qu`annoon fookloorii waan aadaa, duudhaa, faaya aadaa, akkasumas, qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuuqaba yaada jedhu agarsiisa. Yaaxinaalee kanneen keessaa caalmaadhaan yaaxina irra deebi'anii ijaaruu (Historical reconstractional theory) gargaaramuun qorannoon kun gaggeeffameera.

4. Sakatta'a Barruu Wal fakkii

Moggaasa maqaa ilaalchisee qorannoowwan muraasni gaggeefaman jiru. Kanneen gaggeeffamanis kanneen armaan gadiiti. Isaanis:

1.Dastaa Amaaraa (2000) Yuunivarsiitii Addis Ababaatti, qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf mata dure "**በቦረና የበኩር ልጅ ስም ስያሜ በዓል አከባበር**"jedhuu

2.Dassaalagn Labataa (2006) Yunivarsiitii Wallaggaatti digrii lammaffaa guutachuuf mata duree “Xinxala moggaasa maqaa daa’imman Aanaa Waayyuu Tuqaa” jedhuufi

3.Shifarraaw kabbadaa (2016) Yuunivarsiitii Finfinnetti digrii lammaffaa guutachuuf mata duree “Xinxala sirna moggaasa maqaa Oromoo Gujii” jedhuudha

Cimina: Qorannoowwan sadanuu aadaa boonsaa moggaasa maqaa Oromoon dur qabu akka ifatti bahuuf yaalin godhame cimina gama sadaniinnu mul’ataniidha. Qorannoowwan xiinxala moggaasa maqaa daa’immaniifi sirna moggaasa maqaa Oromoo Gujii jedhu irratti hojjatame kan moggaasa maqaa misirrootiin walitti dhiheenya kan qabu ta’uu isaati. Gama birootiin qorannoon “**በቦረና የበኩር ልጅ ስም ስያሜ በዓል አከባበር**”jedhu irratti hojjatame immoo afaan amaariffaan qophaa’uun isaa kan xiinxala moggaasa maqaa misirroo irratti hojjatameen adda ta’a.

Hanqina: Qorannoon inni tokkoffaa irratti dhiyaate, ayyaana mogaasa maqaa ilma angafaa Booranaa qofarratti xiyyeeffachuu yoo ta’u, kan isa lammaffaan immoo, xiinxala moggaasa maqaa daa’immanii qofarratti xiyyeeffachuusaat. Kan isa sadaffaa xinxala moggaasa maqa Oromoo Gujii qofarratti xiyyeeffachuusaafi iddoon irratti hojjatamanis adda adda ta’uusaati.

Walfakeenyaa Qorannoo Kana wajjiin Qaban: qorannoon sadanuu mata duree moggaasa maqaa ilaalatan ta’uun qabiyyeen isaanii moggaasa maqaa kana ilaallatan waan ta’eef sadanuu wanta walfakkeessudha.

Garagarummaan: qorannoo tokkoffaan Ayyaana moggaasa maqaa ilma angafaa Booranaa qofa ta’uun daa’imman kaawwaniifi moggaasa maqaa bakkeewwanii akkasumas moggaasa maqaa misirroo kan hin ilaalannefi afaan biraan qophaawunsaa adda isa taasisa. Qorannoon inni lammafaanis xiinxala moggaasa maqaa daa’mmanii qofa kan ilaalatuufi kanneen biroo kan hin ilaalanne keessattuu moggaasa maqaa misirroo ala ta’uu isaati. Inni sadaffaan immoo xiinxala sirna moggaasa maqaa oromoo Gujii qofa kan ilaallatu ta’uu isaafi kan moggaasa maqaa daa’immaniifi misirroo kan hin illaallanne ta’uu isaati. Dabalataanis bakki qorannoowwan sunneen irratti gaggeefaman Godina Baalee Aanaa Agaarfaan ala ta’uu isaaniti.

BOQONNAA SADI: 3. MALA QORANNICHAA

Boqonnaan kun saxaxa, irraawwatama, madda ragaalee, mala iddatteessuufi hanga iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka af gaaffii, daawwannaafi marii garee, adeemsa funaansa ragaalee, haala ragaan ittiin funaanamu, akkaataa hirmaattonni ragaa itti kennan, haalaafi mala qaaccessa ragaalee, haala amanamummaa qorannichaafi qindaa'ina qorannichaa kan ibsuudha.

3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo tokko gochuun dura, maalif akka gaggeeffamu, akkamitti akka gaggeeffamu, maal irratti akka xiyyeeffatuufi mala akkamiin yoo fayyaadame kaayyoo barbadame bira gahuu akka danda'u adda baasuu barbaachisaadha.

Yaada kana Addunyaan (2011:64) kan armaan oliitti dabalee "Qorannoon tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuwwan odeeffannoo argannuti," jechuun kaa'ee jira. Yaadota hayyoota armaan olii akkuma ibsutti saxaxni mala qorataan, qorannicha ittiin gaggeesse, akkaataa filannoo iddattootaa tooftaalee odeeffannoon ittiin guuramuufi maal maal akka ta'e qaaccessa. Kanaaf xiyyeeffannoon qorannoo kanaa sirna moggaasa maqaa misirroo xiinxaluu waan ta'eef, ibsa qorannoo akkamtaa (Qualitative Descriptive) fayyadame.

Dabalataanis, Addunyaa (2011:63) irratti yoo ibsu, "Qorannoon haala ibsuurratti yoo xiyyeffata ta'e, saxaxni isaa ibsaadha. Kan ibsamus odeeffannoo akkamtaarratti yoo hundaa'e saxaxni isaa ibsaa akkamtaa (qualitative descriptive) ta'a" jedha. Akka yaada barreessaa kanaarraa hubachuun danda'amutti, hojii qorannoo keessatti saxaxa qorannoo adda baasanii beekuun barbaachisaa ta'a. kanaaf qorannoo kana keessatti moggaasni maqaa maal akka ta'e, bu'uurri moggaasa maqaa misirroo maal irratti akka xiyyeefatuufi ragaan manguddoota, haawwtaafi dargaggoota irraa argamerratti hundaa'uun xinxalamanii jechaan ibsi akka itti kenamu waan barbaadameef saxaxni qorannoo kanaa ibsaa akka ta'u filatamee hojiirra ooleera.

Haaluma kanaan qorannoo kana gaggeessuu keessatti malli qorannoo akkamtaa /qulqulleeffataa/ filatamee qorannichi akka gaggeeffamu ta'eera. Sababni isaas odeeffannoon odeef kennitoota irraa argamu kan ibsamus odeeffannoo akkamtaarratti waan hundaa'uuf saxaxa ibsaa akkamtaati. Meeshaalee ragaan ittiin funaanamu af gaaffii hin caaseffamne, daawwannaa hirmaachisaafi marii garee xiyyeeffannoo yommuu ta'an; ragaaleen qorannichaaf barbaachisan kunneen

manguddoota, haawwotaa fi dargaggoota waliin gaaffiilee af gaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi daawwannaa taasisuun kan funaaname ta'us, ragaan odeef kennitoota irraa argames jechaan ibsi itti kennamee jira. Tooftaa iddatteessuun ittiin filame iddatteessuu miti carraa ta'ee darbaa dabarsaafi akkayyoodha. Sababni isaas odeef kennitoota kaayyoo qorannichaa galmaan gahuu danda'an carraa tokko malee filachuun odeeffannoo gahaa irraa walitti qabuun waan qaacceeffameef..

Haaluma kanaan dhimmoota qoranicha keessatti, adeemsi moggaasa maqaa, haala irratti hundaa'anii moggaasan, eenyu fa'a akka moggaasu, maqaa kamtu akka mirkanaa'ufi faayidaa moggaasni maqaa qabu irratti ibsi akka irratti kennamuufi qacceeffamu ta'eera. Kanaafuu malli akkamtaa /qulqulleeffataa/ kun qorannoo kanaaf filatameera.

Tooftaaleen odeeffannoo funaansaaf itti fayyadames afgaaffii, daawwannaafi marii garee yoo ta'u, ragaaleen funaanaman kunis, qabiyyee qabiyyeetti qoqqoodamuudhaan mala akkamtaatti fayyadamuun odeeffannoon qaacceffameera..

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu irraawatama qaba. Irraawwatamni kunis namootafi dhimmota qorannoon gaggeeffamu sun irratti gaggefamuudha. Kana ilaalchisee, Addunyaa (2011:64) yoo ibsu, "…namootafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaalatuuf kan irratti raawwatame gaalee jedhurraa adeemsa suphaatin uumame," jedha. Haaluma kanaan, irraawwatamni qorannoo kiyyaa namoota Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaa keessa jiran Dhiira 2,750 fi Dubartii 2,550 walumaagalatti, 5,300 hunda keessaa iddattoo namoota manguddoota 10 (kudhan), haawwotaa 8 (saddeeti) fi dargaggoota 6 (jaha) walumatti namoota 24(diigdamii afur) kan fudhatamaniidha.

3.3. Madda Ragaalee

Maddi ragaa kan namni qorannoo gaggeessu tokko kaayyoo ka'eef galmaan ga'uuf odeeffannoo irraa funaanudha. Haaluma kanaan, madda raga qorannoo kanaa madda raga tokkoffaati. Sababni isaas,qorataan kallattiidhaan manguddoota, haawwotaafi dargaggoota irraa odeeffannoo isaa sassaabame waan ta'eefidha. Akka qorannoo kanaatti maddi ragaa hawaasa Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaa keessaa namootaa kaayyoo qorannichaa galmaan gahu jedhamanii yaaddamaniifi mala iddatteessuu darbaa dabarsaafi akkayyoon filatamaniidha. Kanaafuu maddi raga qorannichaa yoomessa dhugaa keesatti xiinxala moggaasa maqaa miirroo irratti

xiyyeeffachuun manguddoota 10 (kudhan), haawwotaa 8 (saddeeti) fi dargaggoota 6 (jaha) filataman bu'uura godhachuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaaneera.

3.4. Mala Iddatteessuufi Hanga Iddatteessuu

Qorannooo gaggeessuu keessatti filannoon iddattootaa qulqullina qorannichaaf bu'aan inni qabu murteessaa ta'a. Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti qorataan tooftaa iddatteessuu miti-carraa fayyadamuun iddattoota filateera. Kunis namoota odeeffannoo sirriifi qabatamaa ta'e kennuu danda'an adda baasuun qortaan ta'e jedhee manguddoota, haawwotaafi dargaggoota aadaa hawaasichi sirna moggaasa maqaa misirroo qabu sirriitti beekan filachuun ragaa funaanuuchuuf isa gargaarera.

Tooftaa iddatteesuu kana ilaalchisee Hayyuun Jane (2003:78) yoo ibsu, "In non-probability sample, units are deliberately selected to reflect particular features of or groups with n the sampled population," jedha. Yaada kannarraa akkuma hubannu tooftaan miti carraa kun itti yaadamee iddattoo filachuuf gargaara yaada jedhu of keessaa qaba. Haala kanaan qorannoo kana keessatti qorataan namoota daangaa qorannichaa keessa jiran keessaa kanneen dhimma kanarraatti odeeffannoo guutuu kennuu danda'an manguddoota, haawwotaafi dargaggoota Aaanicha keessa jiran itti yaaduun filuun odeeffannoo barbaadamu irraa funaanuun qorannicha gaggeesseera.

Qorataan tokko qorannoo isaa yemmuu geggeessutti kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan tahuuf iddattoo filatamerraa odeeffannoo argamuun bu'uura godhachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun nidanda'ama. Gama birootiin filannoon iddattootaa qulqullina qorannichaaf bu'aan inni qabu murteessaa ta'a. Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti qorataan tooftaa iddatteessuu miti-carraa fayyadamee iddattoota filateera. Kunis namoota odeeffannoo sirriifi qabatamaa ta'e kennuu danda'an adda baasuun qorataan ta'e jedhee manguddoota, haawwotaafi dargaggoota aadaa hawaasichi karaa sirna moggaasa maqaa misirroon qabu iratti sirriitti beekan filachuun ragaa funaanuuchuuf isa gargaareera.

Malli iddattoo qorannoo kanaaf barbaachisu namoota Ganda Qotee Bulaa Amallaaamaa keessaa odeeffannoo fudhachuudhaani. Qoraatanis namoota Ganda sanaa keessaa maanguddoota Kudhan (10), haawwota Saddeeti (8)fi dargaggoota jaha (6) walumaagalatti namoota diigdamii afur (24) irraa odeeffannoon kan walitti qabeedha. Tooftaa iddattoon qorannichaa ittiin

fudhatame iddatteessuu miti carraadha. Iddatteessuu miti carraa keessaa:-Darbaa dabarsaafi akka kaayyoo yookiin Kaayyeffatanii deemuudha.

Darbaa dabarsaa:- Darbaan dabarsaan dhimma tokkorratti nama beeknu irra ka'uun nama kan biraa dhimmicha gadi fageenyan beeku iyyaaffachuun bira ga'uun odeeffannoon irraa fudhatamudha. Sababni kun filatames namoota Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaa keessa jiraatanii sirna moggaasa maqaa misirroo irratti beekumsa qaban hunda isaanii waanan hinbeekneefi. Kunis, odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu akka dhokate hinhafne nagargaara. Baay'ina iddattoo waliigala keessaa manguddoo dirna kana beekan 3, haawwota 2 fi dargaggoota 2 irraa odeeffannoo bal'aa, gadi fagoo fi guutuu ta'e irra deemamee funaaname argame ragaan qaacceffamee dhiyaate jira.

"With snow balling, the sample emerges through a process of reference from one person to the next" Denscobe, (2007:17). Iddattoon iyyaafannoo adeemsa keessa duukaa bu'uun kan nama tokko irraa gara itti aanutti eeruudha.

Akka kaayyoo (kaayyeeffatanii itti deemuu):- Sirna moggaasa maqaaf ragaa funaanuu keessatti qorataan tooftaa iddatteessuu akkaayyoo /kaayyeffataa/ fayyadamuun ragaa walitti qabachuun qaaccesseera. Iddatteessuu akkayyoon kunis miseensota hoomaa keessaa kanneen odeeffannoo barbaadamu sirriiti beeku jedhamee itti amanamu itti yaaduun filachuufi namoota kaayyoo qorannoo kanaaf bu'aa buusuu danda'an addatti filuun ragaa argachuuf qorataa gargaara.

Kana ilaalchisee Addunyaan (2011:67) yoo ibsu, " Iddatteessuu akkayyoon akaakuu iddatteessuu miti carraa keessaa tokko ta'ee qorataan tokko beekumsa dimshaashaa qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaala. Akka kaayyoo qorannichaatti odeeffataa filachuu waan ta'eef ,*"* jechuun kaa'a.

Yaada armaan olii kana deeggaruun Scott and Deildred (2009:47) yoo ibsan, "Purposive sampling involves selecting people for our research who are available or important to the given study," jedhu. Yaada kanarraa ka'uun qorataan akaakuu iddatteessuu miti carraa keessaa iddatteessuu akkaayyoo /kaayyeffataa/ fayyadamuun namoota beekumsa gahaa qaban filachuun ragaa irraa funaanuun akka qaaccessuuf qorataan itti gargaarame. Dimshaashumatti, qorataan yaadota armaan oliirraa ka'uun, qorannoo keessatti namoota odeeffannoo gadi fageenyaan qaban maanguddoota afur (4) ,haawwota sadi (3) fi dargaggoota lama (2) bira gahee odeeffannoo bal'aafi dhugaa ta'e sassaabuun kan qaacceffameedha.

3.5. MEESHAALEE FUNAANSA RAGAALEE

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu ragaa yookaan odeeffannoo funaanuun barbaachisadha. Haaluma kanaan qorataan meeshalee qorannoo kana keessatti ragaa funaanuuf itti gargaarame:- Af gaaffii hin caaseffamne, Daawwannaa hirmaachisaafi Marii garee xiyyeeffannooti.

3.5.1. Af gaaffii hin caaseffamne

Af gaffiin mala qorannoon akkamtaa /ulqulleefataa/ keessatti meeshaa oddeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'e, kan qorataafi namni odeeffannoo kennu fuulletti wal arganii odeeffannoo walii kennaniidha. Yaada kana ilaalchisee, Scott and Deirded (2009:47) yoo ibsan, "*Interview is one of the most popular qualitative research tools. It is very important in gathering reliable data,* " jechuun kaa'u.

Yaada armaan oliirra akkuma hubatamutti mala qoranno akkamtaaf ragaa funaanu keessatti af gaaffiin meeshaa beekamaafi baay'ee barbaachisaa akka ta'e ni hubanna. Kanaafuu qorannoo kana keessatti qorataan ragaa funaanuurratti af gaaffii hin caaseffamne filachuun itti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu funaanachuun akka qaacceffamu ta'eera. Aadaa Oromoo karaa sirna moggaasa maqaa misirroon jiru ilaalchisee qorannoon gaggeefame hin jiru. Hanga qorataan beekutti, keessumaa Godina Baalee, Aanaa Agaarfaarratti dhimma moggaasa maqaa misirroorratti qorannon ta'e hin argamu. Kanaafuu, dhimma kana gadi fageenyan kan beekan manguddoollii, haawwotaafi dargaggoota waan ta'aniif isaan irraa odeeffannoo funaanun qorannoo kana gaggeesuun filannoo biroo kan hin qabneedha.

Haaluma kanaan ragaa funaanuf af gaffii hin caaseffamne akka filatamee hojiirra oolu ta'eera. Odeeffannoo af gaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirritti ifa godhee ibsuuf odeeffannoo kennaan gaafachuu isaati. yaada kana David. E (2004:213) yoo ibsu "An interview is a conversation between people in which one has the role of researcher, the interviewer has to pose question in either structured, semi structured format listen to the response and pose new questions" jechuun kaa'u. Yaanni kun kan agarsiisu af gaaffiin waliin dubbii hawaasa wajjiin taasifamu ta'ee, isaan keessaa namni tokko kan qorannoo geggeessu ta'a. haaluma kanaan, anis gaafilee armaan gadii af gaaffii irratti caqasame ilaalcha keessa galchuudhaan af gaaffii hin caaseffamne maanguddoota 4 (afur) , haawwota 3(sadi) fi dargaggoo 2 (lama) ida'amni namoota 9 (Sagalii)f dhiyaate deebii yommuu deebisan suuraa kaasuun, sagaleefi viidiyoon waraabuun akkasumas ragaa kanas qorataan naannoo manguddoonni,

haawwotaafi dargaggootni ragaa ga'aa ta'e kennan irratti argamuun, yaadannoo qabachuun odeeffannoo funaanee jira.

3.5.2. Daawwannaa-hirmaachisaa

Mala yookaan daawwannaa kanatti fayyadamuudhaan bakka gochi yookaan wanti qoratamuuf barbaadamu suni jirutti argamuun ijaan ilaalaa odeeffannoo ittiin funaananiidha. Kanaafuu, qorataan mala odeeffannoon akkamtaa /qulqulleeffataa/ ittiin funaanamu keessaa tokko kan ta'ee daawwannaatti gargaarameera. Kanas:-

- Yeroo Haati gurbaa misirroo balabala irratti simattu
- yeroo dhoqqee buusanifi guuran
- yeroo haati gurbaa fuudhee aanan itti biiftuufi unsiistu
- yeroo hiddii okota buusanii
- Yeroo misirroon hiddii harcaasaa kaatu
- yeroo haadha fi abbaan maqaa baasan
- Yeroo jaalonni maqaa baasanii
- Yeroo firoottan maqaa baasan
- wayta maqaa baasan keessaa tokko mirkaneessanfi
- Yeroo misirroonni hoolaa rakoo qalatan bakka sanatti argamee keessa dhaabatee,

sagaleefi gochawwan raawwataman haaluma yeroo daawwannaaf qopheeffateen wantoota daawwate barreessee qabachuun odeefannnoo funaanee jira. Kanaaf qorataanis namoota gaa'ela raawwatan afur (4) haaluma qorannoo kanaaf mijataa ta'anii argaman irratti hundaa'uun dawwachuun odeeffannoo funaanee jira.

3.5.3. Marii garee xiyyeeffannoo

Kunis akkuma af gaaffiitti mala ragaan ittiin funaanamuuf filataman keessaa tokko yoo ta'u. marii garee irratti odeef- kennitoonni waliin bakka tokko ta'anii dhimmoota gaaffii kaasan irratti gaaffii walii walii isaanii akka wal gaafachuu danda'aniif nigargaara. Akkasumas yeroo marii tokko keessatti odeeffannoo baay'ee walitti qabuuf qoraticha ni gargaara. Kanas ;qorataan qorannoo kanaa Ganda Amaallamaa keessaa namoota odeeffannoo akka kennan filataman diigdamii afran (24) keessaa garee saditti qoodee jechuunis maanguddoota jaha, haawwota shaniifi dargaggoota afuriif gaafilee irratti mari'atan qopheesseefi erga marii taasisanii yaada irratti wal jijjiiraniifi yaada haarawa isaan burqisiisaniin yaadannoo

qabachuun, sagaleefi viidiyoon waraabuun kan qaacceffamaniidha.

Marii garee xiyyeeffannoo ilaalchisee hayyuun (Dawson, 2002) yoo ibsuu ,Odeef-kennitoonni yaada irraanfatan akka wal yaadachiisaniifis ni gargaara mariin garee qorataanii fi odeef-kennitoonni filataman bakka tokkotti wal arganii waliin marii geggeessuuf barbaachisaadha jechuun lafa kaa'era. Kanarrattis qorataan odeef- kennitootaaf mata duree qorannoo isaa irratti yaada akkamii akka isaan qaban baruuf carraa ni kenna jechuun (Ruane,2005) ibseera.

Gaaffilee akka irratti mari'ataniif dhiyaate

- Adeemsi moggaasa maqaa misirroo akkamitti raawwatama?
- Qaamolen misirroof maqaa moggaasanii maal irratti hundaa'anii maqaa baasu?
- Maqaan misirroof bahu ergaa maalii qaba?
- Nyaataafi dhugaatiin waytii sirna maqa baasaa misirroo irratti dhiyaatan maal fa'a? eessaa argama? Fakkoommiin isaa maali?
- Qaamota maqaa misirroof baasan eenyu fa'a?
- Ulaagaalee Maqaan misirroof baasan ittiin mirkaneessan?
- Faayidaan Maqaa baasaa misirroo maali?
- Maqaa warri ishee baaseen yoo waama maal ta'a?

3.6. Adeemsa Funaansa Ragaalee

Adeemsi qorannoo kanaaf barbaachisoo ta'an funaanuu akka armaan gadiitti raawwatameera.

3.6.1. Haala Ragaan Itti Funaanamu

Ragaan manguddooa, haawwotaafi dargaggoota Gandichaarraa funaanuu keessatti, keesumaa odeeffannoo odeef kennitootni kennan yaadannoo dhuunfaa qabachuu, suurafi sagaleedhan waraabudhaan ragaan akka funaanamu ta'eera. Kunis odeeffanoon waraabame ragaaf akka taa'u ta'eera.

3.6.2. Akkaataa Hirmaattonni Ragaa Itti Kennan

Odeeffannoo kennitoota irraa ragaa funaanuu utuu hin eegalin dura dhimma ragaan sun barbaadameef yookaan kaayyoo qorannichaa irratti, akkaataa yaada isaanii itti ibsaniifi ragaa kennuu keessatti haala qabatamaa Aanaa isaanii akka bu'uureeffatanii yaada kennaniif hirmaattotaaf ibsi gahaan karaa qorataa akka kennamu ta'eera. Keessumattuu yeroo marii garee xiyyeeffannoo yaada walharkaa fuudhuun inni tokko yaada nama biroo deegaruufi foyyessuun yaada dhiyeessuu akka danda'an dursee ibsi barbaachisu akka hirmaattotaaf kennamu ta'eera.

Kunis kan tokko dogoggore inni biraa sirreessaa akka deemuufi yaada qulqulluu ta’e argachuuf yaadameeti.

3.6.3. Haalaafi Mala Qaaccessa Ragaalee

Malli qaaccessa ragaalee mala akkamtaati. Mala kanatti fayyadamuudhaan ragaaleen af gaaffii, daawwannaa fi marii garee irraa waraabbiifi barreeffamaan sassaabaman Viidiyoon mata duree isaaniin qindeeffamuudhaan ni ibsama. Ragaaleen manguddoota, haawwota fi dargagoota aadaa hawaasichi irratti kennan yaadannoo qabachuun, waraabbii viidiyoofi sagaleen funaanaman xiinxalamanii, ibsi irratti kennamee akka hiikaman ta’eera. Mala qaaccessa ragaalee qorannoon tokko ittiin gaggeeffamu keessaa, mala ammamtaafi mala akkamtaa jedhamuun bakka lamaatti qoodamuu. Qoratichis qorannoo isaa kana adeemsisuuf mala inni dhimma bahe mala akkamtaati. Sababnisaas ragaaleen manguddoota, haawwotaafi dargaggootarraa argame yaadannoo qabachuun, waraabbii viidiyoofi sagaleen funaanaman xiinxalamanii, ibsi irratti kennamee akka hiikaman ta’eera. Ragaaleen funaanaman kanneen jechaan ibsa kennuun kan qaacceeffaman waan ta’eefidha.

3.6.4. Haala Amanamummaa Qorannichaa

Qorannoon kun amanamummaa guutuu akka qabaatuuf qorataan dursee manguddoota, haawwotaafi dargaggoota Aanichaa wajjin walqunnamuun odeef kennitoota mata duree kanarratti muuxannoo gahaa qaban akka adda bahan taasifameera. Ragaan manguddoota, haawwotaa fi dargaggoota kana irraa funaanames bifa sagalee, suuraa fi viidiyoon akka waraabamu ta’eera. Kanaaf qabatamummaa fi amanamummaa ragichaa mul’isa.

3.7. Qindaa’ina Qorannichaa

Boqonnaa tokkoo hanga boqonna shanii jalatti wantoonni qindaa’an akka armaan gadiitti ibsamu. Boqonnaa tokko jalatti seenduubee qorannichaa, ka’uumsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi seendubeen aanichaa keessatti kan hammatamedha.

Boqonnaa lama sakkataa barruuwwanii jalatti:- gooroowwan fookiloorii, dameewwan fookiloorii,,yaaxxinaalee fookiloorii, maalummaafi gosoota fookloorii, maalummaa maqaafi moggaasa maqaa, adeemsa maqaa baasaa misirroofi faayidaa moggaasa maqaa mata dureen guguddan jedhaman kan ka’anidha.

Boqonnaa sadii mala qorannichaa jalatti mata durreewwan guguddaa saxaxa qorannoo, irraawwatama qorannichaa, madda ragaalee, malaa iddatteessuufi hanga iddatteessuu,, meeshaalee funaansa ragaaleefi adeemsi funaansa ragaalee dhiyaataniiru.

Boqonnaa afur dhiheessiifi hiika ragaalee jalatti adeemsa moggaasa maqaa, haala maqaan keessatti bahu, nyaataafi dhugaatii wayta maqaa baasan dhiyaatu, maqaa mirkanaa'uufi faayidaa moggaasa maqaa mata dureewwan jedhan guguddaan ka'aniiru.

Boqonnaa shan Cuunfaa, Argannoofi yaada furmaataa jalatti mata dureewwan cuunfaa, argannoofi yaada furmaataa jedhaman bal'inaa dhiyaatanii jiru.

BOQONNAA AFUR 4. DHIYEESSA, HIIKAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoon af gaaffii, daawwannaafi marii gareetiin argametu dhiyaata. Ragaaleen odeeffannoon argaman kunneenis hiikuu, qaaccessuufi dhiyeessuun dhimma xiyyeeffannoo boqonnichaati. Keessumattuu, adeemsa sirna moggaasa maqaa, haala maqaan misirroof keessatti bahuu, nyaataafi dhugaatii aadaa sirna moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatan, maqaalee misirroof baasan keessaa maqaa mirkanaa'uufi faayidaa maqaa baasaa misirroo fa'atu bal'inaan xinxalamanii jiru

4.1. Adeemsa Sirna moggaasa maqaa misirroo

Adeemsi moggasa maqaa misirroo guyyuma sirni fuudhaafi heerumaa gaggeeffamu akkuma misirroon mana gurbaa fuudhuu geesseen warri gurbaa fuudhuu misirroo simatanii haati gurbaa siinqee, elemtuu, hiddii, dhoqqee looniifi irreessa qabattee balbala alaa durattii eeguun yommuu misirroonni ol seenan dhoqqee fuuldura buusaa adaadaan duubaan dhoqqee sana guuraa deemanii balbala manaa jala itillee afaniifii teechisanii haati aanan itti biiftee dabaree unsiisuun qaamonni maqaa baasan sadanuu :- Haadhaafi abbaa gurbaa fuudhuu, jaalotiinifi firoottan gurbaa fuudhee dabareedhaan wal mari'atanii maqaa haaraa misirroof moggaassu; maqaa kanas namoota sirnicha irratti argaman dhageessisuun maqaan sagalee caalmaa argate ni mirkanaa'a. Yeroo baay'ee maqaan sagalee caalmaa argatuufi kan mucayyoon akka ittiin waamtu filattu kan haadhaa ykn amaatiiti. Sana booda bakkuma teessutti hiddi 8 (saddeet) okotatti naqanii yommuu gara manaa ol galuuf deemtu hiddii harcaasaa deemuun balbala manaa duratti hoolaa rakoo qalatanii gara manaa galu.

Jaalonni maqaa haarawa baasaniif kana kan beeksifatan dhangaafi mijuu misirroon mana haadhaatii fiddee dhufte namoota achitti argaman hundaaf kennuun ta'a. Namoonni dhangaafi mijuu ykn Daabboo, Araqeefi Cuukkoo jaalota irraa fudhatus kan eenyuti jedheet gaafata. Guyyaa sanii jalqabee jaalotaafi warri gurbaa fuudhee maqaa haarawa baasaniif kanaan waamu. Kanaaf, maqaa baasaan misirroo adeemsa mataa isaa danda'e kan qabu ta'uu isaati.

Adeemsa maqaa baasaa misirroo ilaalchisee af gaaffii, daawwannaafi mariin garee maanguddoota, haawwotaafi dargaggoota Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaa wajjiin taasifame ‘‘Adeemsi moggaasa maqaa misirroo akkamitti gaggeeffama?" jechuun dhiyaate irratti hundaa'uun ibsi kennan akka armaan gadiitti taa'ee jira.

Akka Maanguddoon ‘’A’’ n jedhanitti ‘‘Maqaa baasaan misirroo adeemsa mataa isaa danda’e kan qabuufi gurbaan fuudhu misirro erga galateenii booda haati balbalatti elemtuu, siinqee, dhoqqeefi irreessaan simattee; dhoqqee buusa balbala dura teechisanii aannan itti biifaa dabareen unsiisanii qaamonni sadeen maqaa gara garaa baasu; maqaa baasaniif kanas namoota sirnicha irratti agamaniif beeksisuu yookiin itti himuun maqaan sagalee caalmaa argate namootni sirnicha irratti argaman harka rukutuun mirkaneessu. Dhuma irratti jaalli maqaa haaraya misirroof bahe kana dhangaa fi mijuu misirroon mana haadha isheetii fidde dhufte namoota sirna maqa baasaa san irratti argamaniif qoodaafi maqaa himu; namoonnis kan eenyuuti jechaa fudhatu ’’ jedhu.

Yaada Maanguddoo ‘‘A’’ kana irraa wanti hubatamu sirnichi tartiiba kan qabu ta’ee haati balbalatti simattee maqaan qaamota sadan mariin kan ba’uu ta’ee namoota sirnicha irratti agamaniin ragga’ee dhangaafi mijuu misirroon haadha ofii biraa fudhattee dhufteen maqaa beeksifatu.

Akka Aaddee ‘‘E’’n jedhanitti immoo ‘‘Guyyaa gurbaan fuudhu sirni maqaa baasaa misirroo jiraachuu nan beeka garuu tartiiba kamtu duraafi booda akka ta’e hin beeku maanguddoo dhimma kana sirriitti beekutu nutti himaa; waytima isaan taa’aa maqaa misirroof baasaa jedhan qofa teennee baafnaa’’jedhu.

Yaada Aaddee‘‘E’’kana irraa akka hubannutti beekkumsi maqaa baasaa misirroo namoota murtaa’an qofa biratti daanga’ee hafuu isaa nutti agarsiisa.

Ragaa himaan odeeffannoo kiyyaa Dargaggoo ‘‘H’’n akka jedhutti ‘‘Misirroonni yommu galan haati dhoqqee loonii dura buusaa misirroonni irra dhaabbataa deemuun adaadaan duubaan guuraa balabala manaa duratti itillee irra teechisanii aannan itti biifanii dabareen unsiisuun achumatti maqaa qaama sadeeniin baheef keessaa kan haadhaa mirkaneessaniifi bakkuma teessutti hiddi okotatti naqanii yommuu gara mana ofii galtu harcaasaa deemaa balbala duratti hoolaa rakoo qalatanii ol galuun jaalonni maqaa baasaniif dhangaaf mijuu qoodaa maqaa haarawa baheefi himna’’ jedhu.

Yaada Dargaggoo ‘‘H’’ irraa wanti hubatamu Misirroof maqaa baasuuf sirnoota addaa addaatu jira sanneen keessaa misirroo haati balbalarratti eegdee dhoqqee dura buusaa adaadaan duubaan guuraa deemu kunis kan garsiisu faanti tee jiidha haa taatu,tafaa’ula toluuf jecha.Gama birootiin balbala manaa duratti itillee afaniifi irratteechisu kunis ulfina isheef qaban mul’isa. Itti aansuun

aannan itti biifanii dabareen unsiisan kuni immoo rabbi ilmoo siif kennee harmi kee aannan haa ba'u yaada jedhuufi wal jaaladhaa aannaniifi damma ta'a yaada jedhu agarsiisuufi; maqaan bakkuma taa'anitti baheefi kan haadha gurbaa mirkaneessaniif bakka teessutti hiddii okotatti naqaanii harcaasaa gara mana ofii deemti kunis haa hortu hortee nama biro nuuf haa dabaltu yaada jedhu kan agarsiissudha. Hoola rakoo qalachuun immoo haadha qa'ee haa taatu,kan warra xoortu, nu jaalanne jechuu mul'isa. Dhuma irratti jaalonni maqaa baheef dhangaafi mijuu qoodaa beeksifatu yaada jedhu of keessaa qaba.

Akka Manguddoo ''M'' n jedhanitti immoo ''Misirroo erga simatanii booda balabala mana dura teechisanii haati aannan elemtuutti ,siinqeefi irreessa qabattee aannan itti biifuun dabareen unsiistee gara manaa isheetti yommuu deemtu dhoqqee dura buusaa adaadaan duubaa guuraa fi hiddi okotatti naqanii harcaasaa deemuun balbala isaanii duratti hoolaa qalatanii dhiiga irra dhaabatanii ol seenuun maqaa manatti moggaasaniifii maqaan tokko mirakanaa'a. Kunis maqaalee baasaniif keessaa inni jalqabaa filannoo mucayyootiin ragga'a, Inni lammaffaan immoo namoota moggaasa maqaa irratti argamaniin sagaleen ilaallama.Yeroo hedduu maqaan sagalee caalmaa argatu kan haadah gurbaa yookiin amaatiiti. Dhumarratti jaalonni maqaa mirkanaa'e daabboo, araqeefi cuukoo misirroon mana haadha ofiitti fiddee dhufte namootaa qoodaa maqaa haarawa beeksifatuu'' jedhan

Yaada manguddoo irraa wanti hubatamu maqaa baasaan misirroo sirnoonni adda addaa gaggeefamanii misirroon mana ofii erga ol seentee booda maqaan baheefi maqaan sagalee caalmaa argate jaalonni dhangaafi mijuu misirroon mana haadhaatii fiddee dhufte raabsaa maqaa haarawa akka beeksisan namatti agarsiisa.

Akka Aaddeen ''P" jedhanitti immoo''Adeemsa maqaa baasaa misirroo duraa duuba isaa hangas mara hin beeku garuu maqaa baasaa irratti hirmaadheen jira, nama adeemsa beekutu nama qajeelcha, ebaluun gaafadhaa isaantu adeemsa kana beekaa jedhu '' jedhan.

Yaada Aaddee irraa wanti hubatamu namni hundi adeemsa isaa kan hin beekneefi adeemsi sirna maqaa baasaa misirroo kun manguddoo muraasa biratti daanga'ee akka hafe hubanna.

Dabalataanis, odeeffannoon marii garee maanguddoota irraa guyyaa 19/8/2015 argames akkuma manguddoonni,haawwonniifi dargaggoonni af gaaffii irratti kaasan ''Adeemsi maqaa baasaa misirroo gurbaan fuudhu misirroo gara warra isaatti erga galateen haawwota,

shamarraniifi dargaggoonni hamaamota sirbaan simatanii haati gurbaa elemtuu, siinqee, dhoqqee, hiddiifi irreessa qabattee balbala duratti simattee dhoqqee buusaa dura deemuun adaadaan duubaan guuraa deemtee balbala mana warraa dura itillee afanii teechiisuun haati gurbaa aannan itti biifuun dabareen unachiiftee dammi yoo jiraates dhandhamsiistee iddoma taa'anitti haadhafi abbaan, jaalonniifi firoottan maqaa baasaniifi maqaalee baheef keessaa maqaa haati baasteef mirkaneessaniifi ammas bakkuma teessutti hiddii okotatti naqxee yommuu gara manaa ol galuuf kaatu harcaasaa hiddii jalaa guuraa mana ofii fuulduratti hoolaa rakoo qalatanii dhiiga lukaan tuqanii manatti ol galanii jaalonni maqaa ofii baasaniif Daabboo, Araqeefi Cuukkoo haati misirroof kennite namoota achitti argamaniif raabsaa maqaa beeksifatuu'',jechuun ibsaniiru.

Marii garee maanguddoota kanneen irraa wanti hubatamu sirni moggaasa maqaa adeemsa kan qabuufi haati gurbaa balbala alaatti elemtuu, siinqee, dhoqqee, hiddiifi irreessan simattee dhoqqee dura buusaa olgaluun balabala duratti itillee afanii irra taa'uun aannan dabareen itti biifanii erga unsiisanii booda maqaa bakkuma taa'anitti qaamni sadanuu maqaa garagaraa baasu; maqaalee bahe keessa kan haadhaa mirkaneessanii hiddi okotatti naqanii harcaasaa gara mana ofii deemuun hoolaa rakkoo waliin qalatanii manatti olseenanii jaalonni maqaa ofii isaanii baafatan dhangaafi mijuu qoodaa maqaa ofii beeksifatu yaada jedhu of keessaa qaba.

Adeemsi moggaasa maqaa misirroo bakkaa bakkatti adeemsa wal fakkaataa kan hin hordofne ta'uufi keessattuu maanguddoota sirnicha beekan irratti daanga'ee hafuutu mul'ata. Adeemsi maqaa baasaa misirroo guyyuma gurbaan fuudhu misirroo gara warra isaatti erga galateen haawwota, shamarraniifi dargaggoonni hamaamota sirbaan simatanii haati gurbaa aantee ishee waliin elemtuu, gaadii, siinqee, dhoqqee, hiddiifi irreessa qabattee balbala duratti simattee dhoqqee buusaa dura deemuun adaadaan yookiin aanteen duubaan guuraa deemtuun kunis jiidha kan agarsiisuu yommuu ta'u balbala mana warraa dura itillee afanii teechiisanii kunis ulfina ishee qaban mul'isuufi; haati gurbaa aannan itti biifuun dabareen unachiiftee dammi yoo jiraates dhandhamsiisti kunis wal jaaladhaa ,mi'aayaa lechuu agarsiisa. Itti aansuun iddoma taa'anitti haadhafi abbaan, jaalonniifi firoottan maqaa baasaniifi maqaalee baheef keessaa maqaa haati baasteef mirkaneessaniifi ammas bakkuma teessutti hiddii okotatti naqxee yommuu gara manaa ol galuuf kaatu harcaasaa hiddii jalaa guuraa deemu kunis hormaata agarsiisu yommuu ta'u; mana ofii fuulduratti hoolaa rakoo qalatanii dhiiga lukaan tuqanii manatti ol galan kunis haadha

qa’ee ta’uu agarsiisuufi dhumarratti jaalonni maqaa ofii baasaniif Daabboo, Araqeefi Cuukkoo haati misirroof kennite namoota achitti argamaniif raabsaa maqaa haarawa moggaasanii mirkanaa’e sana ittiin beeksifatu.

4.1.1 Qaamolee Maqaa Misirroof Baasan

Ragaa himaan odeeffannoo kiyyaa Manguddoo ‘‘A’’ n akka jedhanitti ‘‘Qaamoleen moggaasa maqaa misirroo irratti hirmaatan sadi. Isaanis:- Haadhafi abbaa gurbaa fuudhee, Jaalotaafi firoottan gurbaa fuudhee sirnicha irratti argamanii.Qaamoleen kunneen sadanuu mari’atanii mqaa gara garaa erga moggaasanii booda, maqaalee moggaasan kana keessaa maqaa sagalee caalmaa argatetu mirkanaa’ee misirroon ittiin waamamti’’ jedhu.

Yaada manguddoo kanaa irraa

4.2. Maqaa Misirroof Baasan Haala Keessatti Bahuufi Ergaa Inni qabu.

Akka maanguddoon “B”n jedhanitti “ Maqaan misirroof kan mogga’u karaalee adda addaatiin ta’uu nan beeka. Kannen keessaa haala cidhni guyyaa san itti oole irratti hundaa’aniiti .Fkn guyyaa sun rooba yoo ta’e Gannoo, Roobduu, Jiituu fi k.k.f. Gannaan dhufte, Roobaan seente faanti isii jiidha kan jedhan irraa maqaalee kanneen itti moggaasan”jedhu.

Yaada maanguddoo kana irraa wanti hubannu maqaan haala cidha guyyaa sanaa irratti hundaa’ee kan mogga’uuf ta’uu nutti agarsiisa. Dabalataan maanguddoon “K”nis akkas jedhu “Yoo barri cidha baasan sun quufa ta’e Qananii, Badhaatuufi k.k.f jedhanii moggaasuuf. Kana jechuun rakkoo wayiituu hin agarree barri kan quufatii, kan qananiiti kanaaf Qananii, Badhaatuu jedhanii itti baasu” jedhu.

Yada maanguddoo kana irraa wanti hubatamu maqaan kan mogga’uuf haala bara san keessa itti bahan irraa ka’ee akka ta’e namatti agarsiisa.

Aaddee “E”nis akka jedhanitti “Haalli maqaa misirroof keessatti bahu yoo daa’imummaan heerumte yoo ta’e Biqiltuu, Guddaattuufi k.k.f jedhanii waamu. Kan jechuun biqiltuu lafa ol guddattuun wal qabsiisanii; jaalalaafi hawwii isaheef qaban irraa biqili, guddadhu jechuu agarsiisuuf baasaniifii’’ jedhu.

Yaada Aadde irraa wanti hubatamu daa'imummaan heerumuu isheetiif akka biqiltuutti biqili guddadhu yaada jedhu irraa akka ta'e nutti agarsiisa.

Akka Addee "G"n jedhanitti immoo " Haalli maqaa misirroof itti moggaasan gurbaan fuudhu warraaf angafa, quxusuufi isa xumuraa ta'uu irraattis ni hundaa'a.Yoo gurbaan maatii isaaf ilma angafaa ta'e Dursituu, Badhaatuufi kkf jedhu; yoo quxusuu ta'e Hortuu, Baattuufi k.k.f. yommuu jedhamu ilma xumura fuudheef immoo Wasanee jedhanii moggaasuufi."jedhu.

Yaada Aaddee irraa wanti hubatamu maqaan misirroof kan mogga'u haala mucaan fuudhu warra isaaf angafa, isa xumuraafi quxusuu ta'uu isaatif misirroof maqaan adda addaa kan mogga'uuf ta'uu nutti agarsiisu.

Akkasumas dargaggoo "J"n akka jedhanitti immoo "Yeroo hedduu jaala ta'een ture; dhugaan jiru garuu misirroof yommuu moggaasnu maanguddoota dhimma kana beekantu nama qajeelcha nuti maqaa kan baasnuuf cal jennee maquma nutti tole ykn maquma nutti bareede qofa baafnaafii " jedhu.

Yaada dargaggoo kana irraa wanti hubatamu haala maqaa misirroof moggaasuu irratti hubannoo kan hin qabneefi maquma itti bareede qofa akka ta'e lafa kaa'eera.

Akkasumas, odeeffannoo marii garee dargaggoota irraa guyyaa Gurrandhala 26,2015 argame akka ibsutti "Maqaan misirroof haala keessatti bahu haala adda addaa keessattiifi ergaa gara garaa qaba. Fkn Gurbaan hike lammaffaa yoo fuudhe Raggaatuu, Dandeessuu fi k.k.f baasuuf; gurbaan warraaf angafa yoo ta'e Duree, Soorettifi k.k.f yoo baasaniif; quxusuu yoo ta'e Hortuu,Guuttuu fi k.k.f akkasumas, mucaa dhumaa (xumuraa) yoo ta'e Wasanee; yoo warri ijoollee baay'etti fuudhan ta'e immoo Baay'iseefi k.k.f baasu maqaaleen hundinuu hiika adda addaa qabau '' jedhu.

Yaada marii garee dargaggoota kanneen irraa wanti hubatamu maqaan haala keessatti bahu qaabaachuufi akkaataa mucaan fuudhu warraaf angafa, quxusuufi isa dhumaa, hiikee lammaffaa yoo kan fuudhu ta'eefi ijoollee hedduu kan itti fuudhan ta'uurraa maqaalee hiika adda addaa qabu kan itti baasan ta'u marii isaaniirraa hubachuun ni danda'ameera.

Akka walii galaatti haalli maqaan misirroo keessatti bahu kan adda addaa jiraachuu isaatiifi

ergaa mataa isaa kan qabu ta'uu isaafi, bakkaa bakkatti garaagarummaa guddaa kan qabuufi hubannoofi beekkumsa hawaasni qabus kan wal hin fakkaanne ta'uu isaati. Haalli maqaan misirroof keessatti bassanis keessaa muraasni Guyyaa sana rooba yoo ta'e Gannoo, Roobduu, Jiituufi k.k.f kan baasaniif yoo ta'u ,kunis gannaan, roobaan dhufte, jiidhaan seente faanti isii jiidha haa ta'u jechuu irraayi. Kan biroo immoo misirroon umurii daa'imummaan yoo kan heerumte ta'e maqaa Biqiltuu, Guddaattuufi k.k.f jedhanii waamu. Kan jechuun biqiltuu lafa ol guddattuun wal qabsiisanii; jaalalaafi hawwii isaheef qaban irraa biqili, guddadhu yaada jedhuufi gurbaan fuudhu warraaf ilma hangafaa ta'e maqaa Duree, Soorettii, Sheeqqattuu, Ayyaantuufi k.k.f jedhanii moggaasu. Maqaan Duree kan mogga'uuf ,ilmi isaanii inni hangafaa dursee waan fuudheef namni maatii isaaniitti dabalamuun isa duraa waan ta'eef Duree jedhanii waamu.Isheen kun gaariifi hamaa maatii muudatu dursitee kan hirmaattu akkasumasdursitee kan deessee hormaata dabaltu waan taateefi. Soorettii jedhanii kan moggaasaniif hawwii sababa mucayyoo kanaatiin maatiin kun kan badhaadhu jedhanii waan yaadaniifi. Sheeqqatuu jedhanii kan moggaasaniif immoo mucayyoon tun amalaan naamusaan hojiin karaa hundumaana kan maatiigurbaafi gurbaa garaa ciibsitu haataatu jedhanii yaaduu irraaka'eeti. Maqaa Ayyaantuu jedhanii kan mogggaasaniif mucayyoon tun ayyaana gaarii/carraa gaarii haa qabaattu gadheen nu hin muudatu jedhanii yaadaauu

Gurbaa isa lammaffaa fuudheen immoo Hortuu jedhanii moggaasuun hortee nama haa dabaltu,akkuma ofii ishee lammaffaa dabalamte,isheenis nama biraa haa hortu jedhanii ahawwii qaban mul'isuufi.Baattuu jedhanii kan moggaasaniif immoomucayyoon kun waan hundumaan (gaariifi hamaa)battee nu dandeessi jedhanii amantaa waan irraa qabaniif .Guuttuun kan mogga'uuf immoo yoo haadha manaa ilma isaanii isa jalqabaa irratti hanqinni mul'ateera ta'e isheen tun qaawwa sana cufti /waan hir'ate mara guutti jedhanii yaaduu irraa ka'aniiti. Yoo gurbaan dura takkaa fuudhee lammaffaa fuudha ta'e maqaan haadha manaa lammaffaa kanaaf mogga'u Dandeessuu yoo ta'u kunis yoo gurbaan amala/qabeenya hin qabu ta'e dandeessee/obsitee jiraachuu kan dandeessu haa taatu jedhanii hawwuu irraayi.Itti dabaluunis Raggaatuu jedhanii yeroo moggaasanis ni jira.Kun immoo fuuti lammaffaa kun mirkanaa'eera jechuudha.Kana malees Qabbannee jedhanii illee ni moggaasu.Kana jechuun haati manaa duraan gurbaan fuudhe amala hin qabdu isaafi maatii isaa ni guba ykn rakkisaa turteetti yoo ta'e ishuma duraa irratti waan akkasii haa raawwatu ,nutti hin deebi'in nutti haa qabbanooftu jedhanii yaaduu Qabbanee jedhanii moggaasuufiagarsiisa.

4.3. Fakkoommii nyaataafi dhugaatii sirna moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatan

Ragaa himaan odeeffannoo kiyyaa Manguddoo ‘‘A’’ n akka jedhanitti ‘‘ Nyaataafi dhugaatii sirna moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatan akka aadaa kaleessa irra dhufnetti dhangaafi mijuudha. Kunis meeshaa hawaasa keessatti kabajaafi ulfina guddaa qabu dhangaan daabboofi cuukkoo yoo ta’u mijuun immoo araqeedhaa; kunuu kan micayyoon haadha ofii irraa fidattee dhuftee ’’ jedhu.

Yaada Manguddoo‘‘A’’kana irraa akka hubannutti nyaataafi dhugaatiin sirnicha irratti dhiyaatan Daabboo, Araqeefi Cuukkoo jechuun dhangaafi mijuu yoo ta’u kunis meeshaa hawaasa Oromoo biratti ulfinaafi kabaja guddaa qabu kan misirroon mana haadhaatii qabattee dhuftee yaada jedhu kennan.

Dabalataanis, Manguddoo ‘‘K’’n akka jedhanitti immoo ‘‘Nyaataafi dhugaatii sirnicha irratti dhiyaatan Daabboo, Araqeefi Cuukkoodha. Garuu iddoo tokko tokkotti dhangaafi mijuu haati mucayyoo kennite hamaamotatu karaatti walharkatti bifa wal saamuun nyaatee haati gurbaa yeroo maqaa baasaa kan ofii ishee bakka buustiifii’’ jedhu.

Yaada Maanguddoo kanneen irraa wanti hubatamu nyaataafi dhugaatiin maqaa baasaa irratti dhiyaatu Araqee, Daabboofi Cuukkoo misirroon mana haadha ofiitii fiddee dhuftee; bakka tokko tokkotti garuu hamaatotatu karaatti nyaatanii dhuganii haadha mucaatu manaa bakka buusaafi waan jedhu of keessaa qaba.

Akka Aaddee ‘‘E’’n jedhanitti immoo‘‘Nyaataafi dhugaatii sirna moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatu Daabboo, Araqeefi Cuukkoo yookiin Dhangaafi Mijuu haati mucayyoo addatti qopheessitee hamaamotni fuudhanii mucayyoo duuka galutu yeroo maqaa baasaa irratti dhiyaata. Meeshaaleen kun ummata Oromoo biratti meeshaa kabaja gudaa qabu,ulfina addaa kennaniif, beekamoofi guutuu waan ta’eef filataman ’’ jedhu.

Yaada Aaddee kennan irraa wanti hubatamu nyaataafi dhugaatiin sirnicharratti dhiyaatu Daabboo, Araqeefi Cuukkoo misirroon warra isheerraa fiddee dhufte yoo ta’u; meeshaaleen kunniin hawaasa keessatti kabaja olaanaa kan qabaniifi guutuudha yaada jedhu of keessaa qaba.

Akkasumas dargaggoo ‘‘H’’nis yaaduma kana deeggaruun‘‘Nyaataafi dhugaatii sirna moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatu dhngaafi mijuu jechuunis Daabboo, Araqeefi Cuukkoo haati misirroo addatti qopheessiteefi misirroon fidattee dhuftuu haa ta’u malee yeroo tokko tokko hamaamotatu karaatti nyaatee haati gurbaa bakka buustii’’ jedhu.

Yaadni dargaggoos ynaataafi dhugaatiin sirna moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatu dhangaafi mijuu misirroon mana hadhaatii fidattee dhuftu ta’us bakka tokko tokkotti hamaamonni karaatti nyaachuun haati gurbaa manaa bakka kan buustu yaada jedhu agarsiisa.

Dabalataanis,odeeffannoo marii garee haawwota irraa Gurraandha 26,2015 argame akka ibsutti ‘‘Nyaataafi dhugaatiin sirna moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatu kan hawaasa Oromoo biratti ulfinaafi kabaja guddaa qabu dhangaafi mijuu jechuunis Daabboo, Araqeefi Cuukkoo kan haati misirroo addatti gaggeessaa sirnichaatiif qopheessitee hamaamonni warra gurbaatti galatuunii ta’us yeroo tokko tookko hamaamotatu karaattii nyaate haati gurbaa manaa bakka buustii’’ yaada jedhu kennan.

Odeeffannoon marii garee haawwota irra argame kun nyaataafi dhugaatiin sirna moggaasa maqaa irratti dhiytaatu kan hawaasa Oromoo biratti kabajaafi beekkamtii guddaa qabu Daabboo, Araqeefi Cuukkoo haati gurbaa bifa adda ta’een sirnuma maqaa baasaaf qopheessitee mana gurbaatti hamaamonni galeenii yeroo sirna maqaa baasaa dhiyaatu ta’us darbee darbee hamaamotatu karaatti nyaatee haati gurbaa bakka buusti yaada jedhu of keessaa qaba.

Meeshaaleen wayta sirna moggaasa maqaa dhiyaatn kan akka Daabboo,Araqeefi Cuukkoon haati mucayyoo addatti qopheessitee hamaamonni warra gurbaatti galatuun kun hawaasa keessatti meeshaa ulfina gudaa qabu, beekamoofi guutuudha jedhamee waan beekamuufi maqaa mirkanaa’eefi sana Daabboo, Araqeefi Cuukkoo qooda maqaa haarawa kan ittiin beeksisaniidha.

4.4. Ulaagaalee Maqaalee Misirroof Bahu Ittiin Mirkanaa'u

Maqaalee misirroof baasan ilaalchisee manguddoota, haawwotaafi dargaggoota Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaa wajjiin af gaaffii ''Ulaagaalee maqaalee miirroof baasan ittiin mirkanaa'u '' jechuun dhiyaate irratti hundaa'uun ragaan kennan akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

Yaaduma kana ilaalchisee Manguddoo ''B'' n akka jedhnitti ''Qamonni sadan haadhafi abbaan, jaalonniifi firoottan achitti argaman dabareen wal mari'atanii baasaniif sana booda jaalonni maqaa baheef sadanuu sagalee ol kaasuun namoota achitti aragame maraaf himanii maqaa sagalee caalmaa argatetu mirkanaa'aa'' jedhu.

Yaada manguddoo kana irraa wanti hubatamu maqaaleen qaamoleen sadanuu dabareen mariin baasaniif keessaa maqaan sagalee caalmaa argate mirkanaa'a yaada jedhu of keessaa qaba. Akka manguddoo ''M'' n jedhanitti immoo ''Maqaalee haadhafi abbaan, jaalotaafi firoottan achitti argaman dabareen wal mari'atanii baasaniif keessaa yeroo baay'ee maqaan mirkanaa'u maqaa amaatiin ykn haati gurbaa fuudhee baasteefii'' jedhu.

Yaada manguddoo''M'' kana irraa wanti hubatamu maqaaleen qaamoleen sadanuu dabareen mariin baasaniif keessaa yeroo hedduu maqaan mirkanaa'e maqaa amaatii ykn haadha gurbaa fuudhee yaada jedhu of keessaa qaba.

Yaada Aaddee ‘‘P’’ irraayis wanti hubatamu maqaalee misirroof haadhaafi abbaan, jaalonniifi firoottan baasaniif keessaa maqaan mirkanaa’u kan filannoo ishee irratti hundaa’e, kan haadha gurbaa ishee fuudhee yaada jedhu of keessaa qaba.

Dargaggoo ‘‘J’’ nis akka jedhutti‘‘ Si’a hedduu jaala ta’ee maqaa misirroof baaseen jiraa, garuu maqaan mirkanaa’u kan amaatii haa ta’uu malee, nutis jaalonni maqaa ofii baafneen waamnaa’’ jedhu.

Yaada dargaggoo kana irra wanti hubatamu maqaan mirkanaa’u kan amaatii ta’us jaalonni maqaa ofii baasaniin waamuu yaada jedhu nutti agarsiisa.

Odeeffannoo marii garee haawwota irraa Gurraandhala 26, bara 2015 argame akka ibsutti ‘‘Qaamoleen sadan maqaalee misirroof baasan keessaa maqaan mirkanaa’u sagalee caalmaan ta’ee filannoo mucayyootinis ta’u maqaa haadhaa ta’uun barameera. Garuu, Jaalonnis maqaa ofii baafataniin dhangaafi mijuu misirroon mana haadhaatii fiddee dhufte namoota achitti argamaniif raabsaa maqaa himuu’’ jedhu dabareen walmormaafi wal deeggaraa yaada isaanii kennan.

Yaada marii garee haawwota irraa wanti hubatamu qaamoleen sadeen maqaa erga baasaniifi booda maqaan mirkanaa’uuf kan haadhaa ta’us jaalonni maqaa ofii baafatan dhangaafi mijuun beeksifatanii haati gurbaas kan ofii baafteen; jaalonnis kan ofii baafatanii akka waaman yaada jedhu of keessaa qaba.

Dabalataanis Birhanuun(2013:182) ‘‘Maqaan misirroof ba’u erga filannoon adda addaa firoottan gurbaatiin kennamee booda ,maqaale kennaman keessaa tokko mirkanaa’efii isaan ishee waamu jechuudha. Maqaan ishee mirkanaa’us, filannoo intalli ittiin waamamuuf filatteeni. Yeroo baay’ee maqaa intalli ittiin waamamuufi filattus kan amaatiin ishee/haati gurbaa/ moggaafteefiinidha’’jedhu.

Yaada armaan olii irraayis wanti hubatamu maqaalee misirroof filannoo aadda addaatii baheef keessaa maqaan mirkanaa’u maqaa intalli ittiin waamamuuf filatteenifi yeroo hedduu maqa amaatiin yookiin haati gurbaa akka ta’e lafa kaa’u.

Akka walii galaatti yaada manguddoota, hawwoota, dargaggootaafi barreessaa yoo ilaalluamu maqaaleen misirroof qaamolee sadaniin akka ba’uufi ulaagaaleen ittiin maqaa tokko mirkaneessanii akka ittiin waamamtu taasisanis inni tokko filannoo misirrootiin akka ta’eefi inni biroo immoo maqaalee moggaasanif sana namoota sirnicha irratti argamaniif ibsuun sagalee caalmaan kan ragga’u ta’a. Maqaa intalli akka ittiin waamamtu filattuufi yeroo baay’ee sagalee caalmaan mirkanaa’u kan amaatii yookiin haadha gurbaa akka ta’e namatti agarsiisa.

4.5. Faayidaan Moggaasa Maqaa Misirroo

Akkuma aadaa Oromoottuu maqaan kan waan tokko adda isa baasee akka ittiin beekkamu isa taasisuudha. Akkasumas, maqaa baasaan misirroo maqaa intalli heerumtu warra ishee biratti ittiin beekkamtu (waamamtu) n alatti guyyuma heerumte galgala sanaa kaasee maqaa ofii isaanii baasaniif, teenya jechuufii jaalalaafi kabaja isheef qaban irraa kan ka'eefi kan ofii taasifachuuf warra irraa dhalatteen walitti dhiigne yookiin walitti firoomne yaada jedhurraa maqaa haala mucaan fuudhu sun warraaf angafaafi quxusuuta'uu isaarraa dhaabbatanii ,haala cidhni guyyaa sana itti oolefi haala bara sanaa irratti hundaa'anii baasuufi sana booda akka intalaafi obboleettii isaanitti ilaalu.

Akka Maanguddoo ''A'' n jedhanitti ''Maqaa baasaan misirroo intalli heerumte maqaa warra biratti ittiin beekamtun alatti guyyuma heerumte galgala sanaa kaasee maqaa baasaniif, teenya jechuufi jaalala isiif qaban irraa kan ka'eefii kan ofii taasifachuuf jecha, warra irraa dhalatteen walitti firoomne akkasumas teenya taateefi akka isaaniitti ilaaluu'' jedhu

Akkasumas Aaddee ''G''n akka jedhanitti ''Aadaan maqaa baasaan misirroo bifaan warra irraa dhalattee fakkaattuyyuu amalaan nu warra itti dhufte fakkaachuu ishee agasiisuufii akka har'a dhalatteetti maqaa ofii isaanii baasaniifii kan ofii taasifachuufii'' jedhu.

Yaada ragaa kennitoota lameen ''A fi G ''irraa wanti hubatamu misirroof maqaa warra biratti ittiin beekkamtuun ykn waamamtuun alatti kan biraa baassuniif warri itti dhaqxe kan ofii taasifachuuf jecha akka haarawaatti maqaa baasaniif yaada jedhu nutti agarsiisa. Dabalataan immoo manguddoo ''K'' nis akka jedhanitti ''Maqaa haarawa baasuuniif kan keenya taate, nutti makamte, gaariif badaa keenya nu wajjiin qoodamtii, ilmoo tiyyaan adda baasee hin ilaaluu inumaa ilmoo tiyya irra isheetu natti jabaataa'' jedhu.

Yaada manguddoo kana irraa wanti hubatamu maqaa haarawa baasaniifii ittiin yaamuun nutti makamuu ishee jaalala nuuf ishee jidduu jiru cimsachuufi ilmoo ta'uu mirkaneessuuf yaada jedhu namatti agarsiiasa.

Ragaa himaan odeeffannoo kiyyaa inni biroo immoo Dargaggoo '' H''n akka jedhanitti ''Maqaa baasaan misirroo kun nama armaan dura wal hin beekneef maqaa haarawa jaalannu moggaasneefii ykn baasneefii ittiin waamnaa; maqaan kun kan obbolummaa keenya caalatti agarsiisuudha '' jedha.

Yaada Dargaggoo ‘‘H’’ kana irraa wanti hubatamu maqaa baasaan misirroo nama kana dura wal hin beekne yookiin walitti dhiheenya hin qabneef baasnee ittiin waamuun obboleettummaa agarsiisuufi.

Misirroo maqaa haarawa moggaasanii itiin waamuun ofitti fudhachuu ,akka ilmoo ofiittii ilaaluu ,warroomfachuu, jaalachuu, nutti makamtee gaari badaa keenya nu wajjiin qoodamti galgala sana irraa kaasee kan isaanii akka taate ifatti baasuufi.

4.5.1. Maqaa warri baaseen waamuu

Manguddoo “K’’ n akka jedhanitti “Maqaa warri ishee jalqaba baaseeniif waamuun jibbaa isheefi maatii agarsiisa, jaalalli jidduu keenya akka hin jirres mul’isa, gama biroon tuffii isheef gosa isheerraa qabaachuu waan ibsuuf inumaa safuu, qaaniifi ormummaa namatti mul’isa’’ jedhu.

Yaada manguddoo kana irraa wanti hubatamu maqaa warra isheetiin waamuun jaalalli jidduu isaanii akka hin jirreefi isheefi gosa ishees tuffachuu walumaagalatti maqaa warraan waamuun safuufi qaaniidha yaada jedhu of keessaa qaba.

Aaddee “G’ nis akkana jedhu “Maqaa warra irraa dhalatteen yaamuun jalqabumaa intalattii barbaadanii akka hin taaneefi jibbaan akka jiru mul’isa. Gama birootiin boruufis kan waliif hin taaneefi hamilee intalaas kan tuquudhaa’’jedhu.

Yaada Aaddee irraa wanti hubatamu maqaa warraatiin waamuun warra walitti hin haajamneefi jaalalliifi walitti dhufeenyi warra intalaafi gurbaaf warra gurbaas jidduu akka hin jirre yaada jedhu qaba.

Akkasumas dargaggoo “H” nis akka jedhutti “ Maqaa warri ishee baaseeniif waamuun safuudha; jibba isheerra qaban waan mul’isuuf isheenis maqaa warraatiin yoo waaman ni gadditti carraan gurbaa waliin turuus baay’ee dhiphaadhaa ; hanga gara warra ofiitti galuu geessii” jedhu.

Yaada dargaggoo kana irraa wanti hubannu maqaa warra isheetiin waamuun jibbaa isheef qabaniifi ormummaa mul’isa waan ta’eef gurbaa sadarkaa hiikuu kan geessu ta’uu namatti mul’isa.

Birhaanuun (201:182) “Misirroof maqaa moggaasuun aaduma barameedha. Sababni isaa maqaan isheen maatii biratti qabduun maatiin gurbaa ishee waamuun safuudha. Kanaaf ni lagatu jechuudha. Yoo maqaa isheen dura qabduun haatifi abbaan gurbaa waaman qanii guddaadha ” jedhu. Yaada barreessaa irraa wanti hubatamu maqaa misirroof moggaasuun aaduma kaleessa irra dhufnee.Garuu maqaa haadhafi abbaan baaseen misirroo waamuun safuufi qaanii akka ta’e namatti agarsiisa.

Misirroo maqaa haadhafi abbaan baasaniin haatifi abbaan gurbaa waamuun jibbafi tuffi mucayyoofi maatii isheerraa qaban kan mul’isuu ta’uu bira darbee jaalalli jidduu isaanii f maatii ishee akka hin jirreefi jireenyaafi bultii ishee irratti dhiibbaa guddaa akka qabu akkasumas,qaaniifi safuu akka ta’e namatti mul’isa.

4.6 Haala Misirroof maqaan keessatti bahu

Haala misirroof maqaan keessaatti moggaasan ilaalchisee Birhaanuun (2013:183-185) ‘‘ Mucaan fuudhe hangafaafi quxusuu ta’uu isaarra dhaabbatanii maqaa moggaasu. Yoo gurbaan maatiif ilma hangafaa ta’e maqaa Duree, Soorettii, Sheeqqattuu, Ayyaantuufi k.k.f jedhanii moggaasu. Maqaan duree kan mogga’uuf ,ilmi isaanii inni hangafaa dursee waan fuudheef namni maatii isaaniitti dabalamuun isa duraa waan ta’eef Duree jedhanii waamu.Isheen kun gaariifi hamaa maatii muudatu dursitee kan hirmaattu akkasumas dursitee kan deessee hormaata dabaltu waan taateefi.Soorettii jedhanii kan moggaasaniif hawwii sababa mucayyoo kanaatiin maatiin kun kan badhaadhu jedhanii waan yaadaniifi. Sheeqqatuu jedhanii kan moggaasaniif immoo mucayyoon tun amalaan naamusaan hojiin karaa hundumaana kan maatii gurbaafi gurbaa garaa ciibsitu haataatu jedhanii yaaduu irraaka’eeti. Maqaa Ayyaantuu jedhanii kan mogggaasaniif mucayyoon tun ayyaana gaarii/carraa gaarii haa qabaattu gadheen nu hin muudatu jedhanii yaadaauu isaaniiti. Gama isa lammaffaa fuudheen immoo Hortuu jedhanii moggaasuun hortee nama haa dabaltu,akkuma ofii ishee lammaffaa dabalamte, isheenis nama biraa haa hortu jedhanii ahawwii qaban mul’isuufi. Baattuu jedhanii kan moggaasaniif immoomucayyoon kun waan hundumaan (gaariifi hamaa)battee nu dandeessi jedhanii amantaa waan irraa qabaniif . Guuttuun kan mogga’uuf immoo yoo haadha manaa ilma isaanii isa jalqabaa irratti hanqinni mul’ateera ta’e isheen tun qaawwa sana cufti /waan hir’ate mara guutti jedhanii yaaduu irraa ka’aniiti. Yoo gurbaan dura takkaa fuudhee lammaffaa fuudha ta’e maqaan haadha manaa lammaffaa

kanaaf mogga'u Dandeessuu yoo ta'u kunis yoo gurbaan amala/qabeenya hin qabu ta'e dandeessee/obsitee jiraachuu kan dandeessu haa taatu jedhanii hawwuu irraayi.Itti dabaluunis Raggaatuu jedhanii yeroo moggaasanis ni jira.Kun immoo fuuti lammaffaa kun mirkanaa'eera jechuudha.Kana malees Qabbannee jedhanii illee ni moggaasu.Kana jechuun haati manaa duraan gurbaan fuudhe amala hin qabdu isaafi maatii isaa ni guba ykn rakkisaa turteetti yoo ta'e ishuma duraa irratti waan akkasii haa raawwatu ,nutti hin deebi'in nutti haa qabbanooftu jedhanii yaaduu Qabbanee jedhanii waamuu'' jedhu.

Yaada armaan olii irraa wanti hubannu maqaan misirroof haalagara garaa keessatti akka bahuufi keessattuu haala gurbaan fuudhu warraafi angafaafi quxusuu ta'uu irraa maqaa adda addaa itti moggaasan. Keessatti mucaan angafa yoo ta'e Duree, Soorettii, Ayyaantuu, Sheeqqattuufi k.k.f baasu yaada jedhu of keessaa qaba.

Gama birootin immoo akka manguddoonni Ganda Amaallamaa jedhanitti maqaan misirroof kana moggaa'u haala gara garaa keessatti ta'uu ibsu. Kanneen keessaa haala guyyaan cidhaa sun itti ooleefi barri sun keessa darberrattis hundaa'anii maqaa ni baasu. Yoo guyyaan sun rooba ta'e maqaa Gannoo, Roobduu, Jiituufi k.k.f baasuu. Gannoo kan moggaasaniif ganna keessa dhufte kan jedhu irraa yoo ta'u, Roobduu kan moggaasaniif immoo roobaan seente faanti kee jiidha kan jedhu irraayi. Gama birootiin immoo Jiituu jedhaniis ni moggaasu kunis jiidhaan seenuu ishee agarsiisuufi barri cidha itti baasan jedhu.

Dabalataanis gurbaan fudhu sun warraaf ilma xumuraa yoo kan ta'u ta'e wasanee jedhanii moggaasuufii. Wasanee jechuun immoo amma booda maaqaa moggaasuun hin jiruu kuni daangaadha jechuu yoo ta'u,intalli heerumtee dhufte daa'ima xiqqoo ta'uu irraa immoo maqaa Biqiltuu, Guddattuu moggaasuufii jedhu. Biqiltuu, Guddattuu jechuun intala reefu guddachaa yookiin biqilaa jirtu ta'u ibsuufi jechuun haawwonni ragaa ba'u.

T/L	Mallattoolee	Adeemsa Gaa'elaa keessatti			Hiika Mallattoolee
		Gaa'ela Dura	Yeroo Gaa'ela	Gaa'ela Booda	
1	Saddeeta	✓			Walgeettii jaarsotaa guyyaa saddeet saddeetiin
2	Milkii ilaallachuu	✓			Warri intala yeroo kadhaa deeman milkii karaatti itti dhufu
3	Hoola rakoo misirroonni waliin qalatu		✓		Haadha qa'ee ta'i, kan warra xoortu haa taatu, nu jaalanne
4	Jinfuu dhaabbachuu	✓			Ganama jaarsonni mana gurbaatii yommuu bahan nyaatanii ulee hirkifatanii deemuun itti deebi'uu
5	Kaadhimachuu	✓			Kan ofii taasifachuu
6	Biqila ilaallannaa				Badhaadhina, hormaata
7	Muudaa muuduu	✓	✓	✓	Milkaa'uuf
8	Dhoqqee buusuu		✓		Jiidha farrisuu, badhaadhina Faanti tee jiidha haa taatu
9	Aannan biifuu		✓		Rabbii ilmoo siif kennee, harmi kee aannan haa bahu
10	Uffisaa	✓	✓	✓	Ulfinaaf, akka itti hin rifanne
11	Marga (Irreessa) kennuu	✓	✓	✓	Fakkoommii hormaataa
12	Damma dhandhamuu		✓		Mi'aawaa ,wal jaaladhaa
13	Jaarsa	✓	✓	✓	Beekaa, nama dubbii fixu
14	Maqaa moggaasuu		✓		Akka ilmoo ofiitti ofitti fudhachuu
15	Hirmii tufuu			✓	Waadaa galuu
16	Hiddii okotatti naquu		✓		Hormaata
17	Itillee afuu		✓		Ulfina akka teessu,akka deessu ,milkii

Gabatee 1 Hiika fakkoommiiwwanii gulantaalee sirna gaa'elaa keessatti

Gabateen kun kan nu hubachiisu mallattoowwan adeemsa gaa'elaa sadan kan gaa'ela duraa, yeroo gaa'elaafi gaa'ela booda maaliin akka fakkeeffaman bal'inaan hiika itti laate**.**

BOQONNAA SHAN: 5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun xinxala moggaasa maqaa misirroo irratti kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoo kanas daangessuufi qabatama taasisuun waan barbaachiseef haala qabatama Godina Baalee, Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaarratti xiyyeeffachuun, qoratee dhiyeesseera. Qorannichis "Xiinxala moggaasa maqaa misirroo'' mata duree jedhu kan bu'uureffate yoo ta'u moggaasni maqaa misirroo kun akkaataa itti raawwataa ture adda baasuuf odeeffannoo manguddoota, haawwotaafi dargaggootarraa argame xiinxaluun hiikni akka itti kennamu ta'eera. Haaluma kanaan ragaan funaaname akkaataa itti hiikamaniifi qaacceffaman boqonnaa afraffaa keessatti tokko tokkoon taa'ee jira.

Qorannoo kana gaggeessuun, kaayyoon qorannichaa akka galma ga'uuf qorataan mala qorannoo 'Akkamtaa' kan fayyadame yoo ta'u, iddattoo filachuurrattis akaakuu iddatteessuu miti carraa keessaa iddatteessuu darbaa dabarsaafi akka kaayyoo ykn kaayyeeffatanii deemuu fayyadamuun manguddoota, haawwotaafi dargaggoota Gandichaa keessaa kanneen moggaasa maqaa irratti hubannoo gahaa ni qabu jedhee itti amane filachuun karaa af gaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeeffannootiin gaaffiin gama qorataan erga dhiyaatee booda deebiin manguddoota, haawwotaafi dargaggootni kennan bu'uureffachuun akka hiikamee ibsi itti kennameefi xiinxalamee dhiyaatu ta'eera.

Haaluma kanaan waa'ee moggaasa maqaa misirroo ilaalchisee adeemsa moggaasa maqaa misirroo, misirroof maqaa maalirratti hundaa'anii akka baasan, nyaataafi dhugaatii sirna moggaasa maqaa misirroo irratti dhiyaatan maal fa'a akka ta'aniifi maaliin akka fakkeeffaman, eessaa akka argamu, maqaan mirkanaa'u ulaagaa kamiinifi kan eenyuu akka ta'e, faayidaan moggaasa maqaa misirroo fa'atu bal'inaan ibsamanii jiru. Akkasumas misirroo maaliif maqaa warra isheetiin akka hin waamamneefi maqaa haarawa baasaniif itti dabaluun ibsamanii jiru.

Qorannoon xiinxala maqaa baasaa misirroo Naannoo Oromiyaa Godina Baalee, Aanaa Agaarfaa irratti gaggeeffame kun galma adda addaa qabatee kan ka'eedha. Dhimmoonni akka bu'uuraatti qorannichaan hammataman adeemsa moggaasa maqaa misirroo, maqaa misirroo maalirratti hundaa'anii akka moggaasan, nyaataafi dhugaatii sirnicharratti dhiyaatan maal fa'a, maaliin fakkeeffamu,eessaa akka argamu, ulaagaa maqaan ittiin mirkanaa'u, maaliif maqaa haarawni akka bahuuf akkasumas qaaccessa odeeffannoo af gaaffii, daawwannaafi marii garee of keessaa kan qabuudha.

Walumaagalatti ragaaleefi odeeffannoowwan qaaccessaafi hiikni itti kennaman kanneen irratti hundaa'uun argannoowwan armaan gadii argamanii jiru.

5.2. Argannoo Qorannichaa

Ummata Godina Baalee, Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaa biratti yeroo ammaa kana adeemsaafi haalli maqaan keessatti bahu, nyaataafi dhugaatiin sirnicha irratti dhiyaatu maal fa'a akka ta'an,maaliin fakkeeffamu, ulaagaa maqaaleen ittiin mirkanaa'uufi faayidaan moggaasa maqaa misirroo dagatamee aadaan sirna moggaasa maqaa misirroo kun bifa walfakkaatuun gaggeeffamaa kan hin jirre ta'uufi gara baduutti jira. Kuni ammo kufaatii aadichaatiif sababa ta'a jechuudha. Kanumaan wal qabatee qorataan qorannoo kanaas argannoowwan amaan gadii bira gahee jira.

- Moggaasni maqaa misirroo adeemsa hedduu keessa kan darbamu yoo ta'ellee namoota hunda biratti hubannoofi muxannoo gahaa qabaachuu dhabuufi namoota sirnicha beekan qofarratti daanga'ee hafuun mul'ataa.
- Haala keessatti misirroof maqaan ba'u irrattiifi ergaa maqaan baasaniif sun dabarsu irratti hubannoon hawaasichuu qabu gahaa ta'uu dhabuu yookiin namoota hedduu biratti kan hin beekamneefii haarawa ta'ee mul'achuufi maqaa itti bareede akkasumas kan jabanaa misirroof baasuufii.
- Meeshaalee wayta moggaasa maqaa dhiyaatanii dhangaafi mijuun meeshaa hawaasa keessatti ulfaataafi kabaja olaanaa qabu kun maal akka ta'eefi eessaa akka dhufus beeku garuu, xiyyeeffannoo kennuu dhabuun hamaamotni keessattuu dargaggoonni karaa irratti bifa wal saamuutiin kan balleessan ykn wal saamanii Daabboo wal harkatti caccabsuuniif Cuukkoo walirraa butuu akkasumas Araqee karaa irra taa'anii dhuguun meeshaleen

wayta sirna maqaa baasaa irratti dhiyaatan mana gurbaa fuudhuu haati kan bakka buustu ta'uu calaqqisiisa.

- Maqaale misirroof qaamonni gara garaa sadeen moggaasaniif keessaa kan mirkanaa'u kan sagalee caalmaa argate ta'uuyyuu yeroo hedduu kan haadhaa ykn amaatii ta'uun barameera.
- Maqaan maaliif misirroof haarawni akka ba'u kan hin beekne kanuma warra isheetiin kan waamaa turanis jiraachuu.
- Maqaa warri ishee baaseniif waamuun qaaniifi safuu akka ta'eefi mucayyoo biratti miira gadaantummaafi jibbaa uumuu bira darbee hanga sadarkaa bultii hiikuutti kan gahamu ta'uun namoota hunda biratti hubatamuu dhabuu barameera.
- Akka walii galaatti adeemsa sirna maqaa baasaa misirroo irratti sagaleefi suur-sagaleen waraabamee waan hin turreef irraanfatamaafi adeemsichi keessaa harca'aa deemuudha.
- Dhumarattis ummata Aanaa Agaarfaa keesstti sirni maqaa baasaa kun haala walfakkaatuun gaggeffamaa akka hinjire bira gahameera.

5.3. Yaada Furmaataa

Qorannoo kana keessatti xinxala moggaasa maqaa misirroo Godina Baalee, Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaa irratti taasifame dhumarratti cuunfamee taa'eera. Bu'aa xinxala kanaatiin moggaasni maqaa misirroo Gandichaa adeemsa sirnichi keessa darbamu, maqaa maalirratti hundaa'anii akka moggaasan, nyaataafi dhugaatii sirnicharratti dhiyaatan maal fa'a, eessaa akka argamu, maqaa mirkanaa'u, maaliif maqaa haarawni akka moggauuf goolaba keessatti caqafamaniiru.

Kaayyoo qorannoo keessaa tokko hanqina ykn rakkoo tokko arguufi rakkinicha waan akka argannootti bira gahe ifatti baasuudha. Haaluma kanaan argannoowwan qorannicha irratti yaadni furmaataa itti kenname akka armaan gadiitti dhiyaata.

- Hawaasni Godina Baalee, Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaa keessa moggaasa maqaa misirroo irratti hubannoo walfakkaataa qabaatee, duraa dubaa sirnichaa hordofuun misirroon akkuma balbala dura geesseen haati gurbaa aantee ishee waliin aannan elemtuutti qabatte, gaadii irratti hiitee, irreessaa, hiddiifi dhoqqee loonii qabattee eeguun yommuu misirroonni balbala alaa ol seenan dura deemaa dhoqqee loonii buustee misirroonni irra dhaabbataa darbuufii aanteen ishee duubaan guuraa deemtee ol seenuun

balbala manaa duratti ittileen afameefii irra taa'anii aannan itti biiftee, dabareen unsiistee booda sirni moggaasa maqaa qaamolee sadeeniin:- haadhafi abbaan, jaalotaafi firoottaniin raawwatamee gaarii ta'a.

- Misirroof yommuu maqaa moggaasan ergaa inni qabu yookiin dabarsu maal akka ta'e osoo hubatanii akkasumas, waan irratti hundaa'anii baasan osoo itti yaadanii qopheessuun baafatanii, keessattuu haala waliigala seenaa, muudannoo, muxannoo gurbaa fuudhuufi oolmaa cidha guyyaa sanaafi bara sanaa irratti hundaa'ee filatanii baasaniif filatamaadha.
- Hawaasichi meeshaalee sirna maqaa baasaa irratti dhiyaatan kan akka Daabboo Araqeefi Cuukkoo yookiin dhangaafi mijuun kan haati mucayyoo misirroodhaaf jecha addatti qopheessitee guyyaa cidhaa sana hamaamonni fuudhee mana warra gurbaatti maqaan misirroof akka ittiin ba'u galaniin kun hawaasa keessatti meeshaa ulfinaa yookiin kabajaa kana of eeggannoon qabatanii mana gurbaa fuudheen ga'anii, sirnichii osoo ittiin gaggeeffamee wayyaadha.
- Qaamota misirroodhaaf maqaa moggaasan sadan (3)n :- Haadhaafi abbaa gurbaa fuudhu, Jaalotaafi firoottan gurbaa fuudhuu ofumaa beekanii yeroo sirna moggasa maqaa irratti osoo dhiyataanii (hirmaatanii) gaariidha.
- Maqaalee qaamotni sadeen dabareen mari'atanii moggaasaniif keessaa ulaagaan maqaan ittiin mirkanaa'u tokko fedhii misirrootiin lammaffaan immoo maqaalee sadeen baheef namoota achitti argamaniin sagalee caalmaan mirkaneessisiisan. Maqaan misirroon ittiin waamamuuf filattuufi sagalee caalmaan mirkanaa'u yeroo hedduu kan haadha gurbaa ykn amaatii ta'uun hubatamee otoo kan haati gurbaa ykn amaatiin baastuuf sun mirkanaa'ee ittiin waamanii bayeessa.
- Maqaa misirroof moggaasanii ittiin waamuun warrooma mirkaneessa waan ta'eef jaalalaa, hamileefi kabaja jidduu isaaniitti waan cimsuuf ta'eef osoo of eeggannoo godhanii maqaa warri ishee baaseenif lagatanii.
- Maqaa warra isheetiin misirroo yommuu waaman miira tuffii, qaanii, gadi aantummaafi jireenya ishee fuula duraa keessatti miidhaa waan geessuuf kan ofii moggaasaniin osoo waammatanii.
- Walumaagalatti moggaasa maqaa misirroo barreeffamaan galmaa'uufi sagaleenis ta'ee suur-sagaleen waraabamuun dhaloota itti aanuuf dabarfamuu qaba. Keessattuu namoonni

dhimma kanarratti muxannoofi hubannoo qabaniifi waajjirri aadaafi turiizimii Aanichaa dhimma kana itti yaaduun furmaata osoo kaa'ee bareeda.

Wabiilee

Abbaa Gadaa Roobalee. (*2012). **Sirna gadaa**. Finfinnee: Finfinnee Printing Publishing S.C.*

Abdulsamad .(1994). ***Seerluga Afaan Oromoo***. Finfinnee: Bole Printing.

AjjaabushYohaannis. (1991). ***Ye Alaba Beherasab Yeserg gixim yizatinna tinittaanee*.** *Univarsiitii Dillaa:Waraqaa Qorannoo Digrii 1 ffaa hin maxxanfamine.*

Bascom, W , (1962). ***Continuity and Change in African Cultures. Chicago:****Chicago University Press.*

Birhanu Taklee.(2013).***Laguufi lagannaa Oromoo***:Finfinnee.Oromiyaa.

Crystal D .(1989). ***The Cambridge Encyclopedia of Language***. Cambridge: Cambrige University press.

Desta Amare .(2000). "በቦረና የበሑር ልጅ ስም ስያሜ በዓል አከባበር," Addis Ababa University, MA Thesis.

Dorsan, Richard Mercer, (1972), ***Folklore and Folklife:*** *An Introduction. Chicago: The University of Chicago press.*

D.Smith, (2005).***Living Folklore:*** *An Introduction to the study of people on thier Traditions.Logan Utah: Utah University press,*

Dundes, A. (1965). ***The Study of Folklore****. Englewood Cliffs: Prectice Holl Inc.*

Faqaada Azzaaza, (1991). ***Introduction to folklore****: Institutefor international Cooperationof the German Adult Education Association. Addis Ababa:*

Bole printing press.

Filee Jaalataa.2016. *Beekumtaa Oromoo ed*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii: Mana Maxxansaa Finfinnee.

Finnegan Ruth, (1970). ***Oral Literature in Africa***. *Oxford:At clorendum press.*

Getaachoo Rabbirraa. *(2006).* ***Furtuu.****Finfinnee : Kuraz international publishe.*

Hanks & Hodges .(1995). ***A Dictionary of First name***. New York: Oxford University press.

Huseen Badhaasoo. *(2000).* ***Sirna fuudhaafi heeruma oromoo Arsii***. *Finfinnee:*

Ibid, (1965).***Four Functions of Folklore.****Journal of American Folklore****.(vol.67:1954) pp33-49.Sage:Publications.*

Marsanii Bobbaasaa (2008). ***Duudhaa.*** **Barruulee Ayyaana Irreechaa**. Finfinnee D.G printing Enterprise.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). ***Dilbii. Bu'uura Afoola, Og Afaaniifi Og walaloo Oromoo***.*Finfinnee:Oromiyaa: Oromiyaa.*

Okpewho, Insidore. (1992). ***African Oral Literature: Backgrounds, Characters, and continuity.*** *Bloomington and Indiana polis: Indiana University press.Chicago: The University of Chicago Press.*

Oring, E, (1986). ***Folk Group and Folk Genres Introduction***. *Logan UT: Utah State University Press.*

Tafarii Nugusee. (2006). ***Development of Oromoo literature*** *up to 1991 M.A. These Addis Ababaa University.*

Steven.A.(1964). ***Concise Oxford English Dictionary***.*Oxford University Press.*

Sweterlitch, Richard.(1997). ***Inventing Popular Culture, From Folklore to***

Globalization. *United Kingdom: Blackwell publishing.*

Sims C. and StephensM.(2005).***Living Folklore: An Introduction to the Study of people and their Traditions.****Utah; Utah State University press.*

Van Gennep, Arnold .(1960). ***Rites of Passage***. *Chicago: University of Chicago.*

Wilson, A. William. (1988).***The Deeper Necessity: Folklore and Humanities***. *Journal of American Folklore, 101(400),156-167.*

Woodward, Ian. (2007). ***Understanding Material Culture***. *Los Angeles ኃላ.የተ.የግ.ማ.*

ሰሎሞን ተሾመ.(2007).***ፎክሎር፤ምንነቱን የጥናተና የትኩረት አቅጣጫ.*** *አዲስ አበባ፡ሀትመት ፈር ኢስት ትሬዲንግ.*

Dabalee A

YUUNVARSIITII MADDA WALAABUU

KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAATTI

MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG BARRUU

Kabajamoota Manguddoota, Haawwotaafi Dargaggoota armaan gadii gaaffiileen afaanii isiniif dhiyaatan hundi mata duree xinxala sirna moggaasa maqaa misirroo Godina Baalee Aanaa Agaarfaa waliin kan walqabateedha. Qorataanis qorannoo isaa mata duree kana irratti waan geggeessuuf odeeffannoon isin biraa argamu galmaan gahiinsa qorannoo kanaaf murteessaadha. kana malees, eeyyama keessaniin ala deebii keessan kan hin barreessine, suuraafi sagaleen keessan kan hin waraabmne ta'uusa cimseen isin beeksisa. Kanaafuu deebii isin gaaffiilee dhiyaataan maraaf kennitan kun dhimma qorannoo kanaaf qofa kan fayyadu waan ta'eef amanamummaa, dhugaafi bifa guutummaa qabu irratti hundaa'uun akka deebii naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Galatoomaa ¡¡¡

Af gaaffii Maanguddoot a, Haawwotaafi Dargaggootaaf dhiyaate

Af gaaffiin Maanguddoota, Haawwotaafi Dargaggootaaf dhiyaate kun **adeemsa sirna maqaa baasaa, haala keessatti maqaan misirroof ba'u, meeshaalee sirna maqaa baasaa misirroo irratti dhiyaatan, eessaa akka argamu, maqaa mirkanaa'ufi faayidaa moggaasa maqaa muxannoofi hubannoo** sinircha irratti qaban adda baafachuun cimsuuf gargaara.

Odeeffanno dhuunfaa

Maqaa_____

Saala:_____Umrii____Sad barnootaa_____

Bakka jireenyaa: Naannoo_____Godina_____Aanaa_____

Magaalaa/Ganda/_____Gahee hojii_____Lakk. Bilbilaa_____

Af gaaffiin manguddoota, haawwotaafi dargaggootaaf dhiyaate kunis qabxiiwwan armaan gadii of keessaa qaba.

1.Adeemsi sirna moggaasa maqaa misirroo akkamiiti raawwatama?

2. Maqaan misirroof moggaasan ergaa maalii qaba?

3.Misirroof maqaa maalirratti hundaa'anii baasu?

4.Nyaataafi dhugaatiin sirna moggaasa maqaa irratti dhiyaatan fakkoommiin isaanii maali?

5.Nyaataafi dhugaatiin waytii misirroof maqaa moggaasan dhiyaatan maal fa'a? eessaa argama?

6.Qaamonni maqaa misirroof moggaasan eenyu fa'a?

7.Ulaagaaleen maqaan misirroo ittiin mirkanaa'u maal fa'a?

8. Maqaalee misirroof moggaasan keessaa kan mirkanaa'u kan eenyuuti?

9.Misirroodhaaf maqaa maaliif baastaniif?

10.Misirroo maqaa warra ishee baaseeniin yoo waamtan maal ta'a?

11.Faayidaan sirna moggaasa maqaa maali?

Dabalee B

YUUNVARSIITII MADDA WALAABUU

KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAATTI

MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG BARRUU

Kabajamoota Manguddoota, Haawwotaafi Dargaggoota armaan gadii gaaffiileen marii garee isiniif dhiyaatan hundi mata duree xinxala sirna moggaasa maqaa misirroo Godina Baalee, Aanaa Agaarfaa waliin kan walqabateedha. Qorataanis qorannoo isaa mata duree kana irratti waan geggeessuuf odeeffannoon isin biraa argamu galmaan gahiinsa qorannoo kanaaf murteessaadha. kana malees, eeyyama keessaniin ala deebii keessan kan hin barreessine, suuraafi sagaleen keessan kan hin waraabamne ta'uusaa cimseen isin beeksisa. Kanaafuu deebiin isin gaaffiilee dhiyaataan irratti bifa marii gareetiin kennitan kun dhimma qorannoo kanaaf qofa kan fayyadu waan ta'eef amanamummaa, dhugaafi bifa guutummaa qabu irratti hundaa'uun akka deebii naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Galatoomaa ¡¡¡

Gaaffiileen marii garee Maanguddoota, Haawwotaafi Dargaggootaf dhiyaate

Gaaffiileen marii garee Manguddootaa, Haawwotaafi Dargaggootaf dhiyaate kun **haala walii gala adeemsa maqaa baasaa misirroo ,haala maqaa keessatti misirroof moggaasan, meeshaaleen akkamii sirna moggaasa maqaa misirroo irratti akka dhiyaatuufi eessaa akka argamu, qaamota maqaa misirroof baasan, maqaaleen misirroof bahu keessaa maqaa mirkanaa'uu**, **maqaa warri baaseen yoo waam maal akka ta'ufi faayidaa moggaasa maqaa misirroo** irratti muuxannoofi hubannoo sinircha irratti qaban adda baafachuun cimsuuf gargaara.

Gaaffiileen marii garee Manguddoota, Haawwotaafi Dargaggootaf dhiyaate kun qabxiiwwan armaan gadii of keessaa qaba.

1.Adeemsi sirna moggaasa maqaa misirroo akkamiiti raawwatama?

2. Maqaan misirroof moggaasan ergaa maalii qaba?

3.Misirroof maqaa maalirratti hundaa'anii baasu?

4.Nyaataafi dhugaatiin sirna moggaasa maqaa irratti dhiyaatan fakkoommiin isaanii maali?

5.Nyaataafi dhugaatiin waytii misirroof maqaa moggaasan dhiyaatan maal fa'a? eessaa argama?

6.Qaamonni maqaa misirroof moggaasan eenyu fa'a?

7.Ulaagaaleen maqaan misirroo ittiin mirkanaa'u maal fa'a?

8. Maqaalee misirroof moggaasan keessaa kan mirkanaa'u kan eenyuuti?

9.Misirroodhaaf maqaa maaliif baastaniif?

10.Misirroo maqaa warra ishee baaseeniin yoo waamtan maal ta'a?

11.Faayidaan sirna moggaasa maqaa maali?

Dabalee C

Wantoota Daawwataman

T.L	Wantoota Daawwataman	Guyyaa daawwannaa
1	yeroo dhoqqee buusaniifi guuran	Gurraandhala 26,2015
2	yeroo haati gurbaa fuudhee aanan misirrootatti biiftuufi unsiistu	Gurraandhala 26,2015
3	yeroo haadha fi abbaan maqaa baasan	Gurraandhala 26,2015
4	yeroo jaalonni maqaa baasanii	Gurraandhala 26,2015
5	yeroo firoottan maqaa baasan	Gurraandhala 26,2015
6	Yeroo hiddii okotatti guuran	Gurraandhala 26,2015
7	wayta maqaa baasan keessaa tokko mirkaneessanf	Gurraandhala 26,2015

Dabalee D

Manguddoota, Haawwotaafi Dargaggoota Ganda Amaallamaa Af gaaffii irratti hirmaatan

T/L	Maqaa hirmaataa uutuu	Kodii	Saala	Umrii	Ganda	Gahee hojii	Guyaa gaafiifi deebiin gaggeefame
1	Simee Tuulamee Tolaa	A	Dhiira	80	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	18,6,2015
2	Tolaa Lammaa Abdii	B	Dhiira	70	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	18,6,2015
3	Caaltuu Mul'ataa Fayyisa	E	Dubara	42	G/Amaallamaa	Barsiistuu	18,6,2015
4	Warqee Baay'isaa Birraa	G	Dubara	64	G/Amaallamaa	Haadha manaa	19,6,2015
5	Xaafaa Ejeree Miidhagsaa	H	Dhiira	25	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	19,6,2015
6	Tashoomaa Abdii Tufaa	J	Dhiira	17	G/Amaallamaa	Barataa kutaa 8	19,6,2015
7	Gosaa Guutaa Qixxeessaa	K	Dhiira	55	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	25,6,2015
8	Kaabboo Jifaaree Daadhii	M	Dhiira	85	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	26,6,2015
9	Magartuu Gabii Roobaa	P	Dubara	37	G/Amaallamaa	Haadha manaa	26,6,2015

Dabalee E

Marii Manguddoota garee 1ffaa Waliin Godina Baalee ,Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaatti gaggeeffame

T/L	Maqaa hirmaattotaa guutuu	Koodii	Saala	Umrii	Ganda	Gahee hojii	Guyaa mariin gaggeefame
1	Taliilaa Dabalaa Simee	C	Dhiira	65	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	Gurraandhala 19,2015
2	Nagaash Nadhii Daadhii	D	Dhiira	66	G/Amaallamaa	Daldalaa	
3	Dammaa Lalisaa Kabbadaa	Q	Dhiira	63	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	
4	Ishee Laggasaa Gammadaa	U	Dhiira	69	G/Amaallamaa	Barsiisaa	
5	Gaddoo Jifaaree Daadhii	W	Dhiira	70	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	
6	Taayy'ee Ida'ee Kumsaa	X	Dhiira	81	G/Amaallamaa	Daldalaa	

Dabalee F

Marii Haawwota garee 2ffaa Waliin gaggeefame Godina Baalee Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaatti raawatame.

T/L	Maqaa hirmaataa uutuu	Koodii	Saala	Umrii	Ganda	Gahee hojii	Guyaa mariin gaggeefame
1	Ituu Asaffaa Baay'isaa	E	Dubartii	41	G/Amaallamaa	Haadha manaa	Gurraandhala 26,2015
2	Fayyisee Burqaa Daadhii	I	Dubartii	20	G/Amaallamaa	Haadha manaa	
3	Shumbee Abbabaa Yaa'ii	L	Dubartii	45	G/Amaallamaa	Barsiistuu	
4	Fayyisee Mulugeetaa Ijaaraa	O	Dubartii	47	G/Amaallamaa	Haadha manaa	
5	Ayyaantuu Tolaa Lammaa	V	Dubartii	45	G/Amaallamaa	Barsiistuu	

Dabalee G

Marii Dargaggoota garee 3ffaa Waliin gaggeefame Godina Baalee Aanaa Agaarfaa Ganda Amaallamaatti raawatame.

T/L	Maqaa hirmaataa Guutuu	Koodii	Saala	Umrii	Ganda	Gahee hojii	Guyaa Mariin gaggeefame
1	Addisuu Nagaash Nadhii	N	Dhiira	33	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	Gurraandhala 25,2015
2	Tolaa Lalisaa Kabbadaa	R	Dhiira	26	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	
3	Yaadatee Hurrisaa Tolaa	S	Dhiira	25	G/Amaallamaa	Daldalaa	
4	Kibabawu Haata'uu Dabalaa	T	Dhiira	19	G/Amaallamaa	Qotee bulaa	

Dabalee H

Suuraa moggaasa maqaa misirroo irratti Guyyaa maqaa moggaasan raawwatame.

Suuraa 1



Obboo Simee Tuulamee Bultii, qorataa waliin af gaaffii yommuu taasisu Gurrandhala,18,2015 A.L.I. suuraa kaafame.

Suuraa 2



Manguddoota waliin marii garee xiyyeeffannoo Gurraandhala 19, 2015 Ganda Amaallamaa mana obboo Simee Tuulameetti taasifame keessatti yeroo qorataan mariisisu suuraa agarsiisudha.

Suuraa 3



4.1.1 Misirroo balbala dura teechisuu

Suuraa 4



4.1.2 Misirroo aannan itti biifuu

Suuraa 5



4.1.3 Misiirroo aannan unsiisuu

Suuraa 6



Aaddee Warqee Baay'isaa Birraa, qorataa waliin af gaaffii yommuu taasisan Gurrandhala 19,2015 A.L.I. suuraa kaafame.

Suuraa 7



Marii garee xiyyeeffannoo dargaggootaa waliin Ganda Amaallamaatti Mana Aaddee Fayyisee Mulugeetaatti Gurraandhala 26, bara 2015 taasifame keessatti yeroo qorataan mariisisu suuraa agarsiisudha.

Suuraa 8



4.3.1.Meeshaalee wayta sirna moggaasa maqaa misirroo dhiyaatu

Suuraa 9



Obbo Kaabboo Jifaaree, qorataa waliin af gaaffii yommuu taasisan Gurraandhala 26, bara 2015 A.L.I suuraa kaafame

Suuraa 10



Haawwota waliin marii garee xiyyeeffannoo Ganda Amaallamaatti Mana Aadde Fayyisee Mulugeetaatti Gurraandhala 25, bara 2015 taasifame keessatti yeroo qorataan mariisisu suuraa agarsiisudha.

4.4.1 Qaamolee Maqaa Misirroof Baasan

Suuraa 11



4.4.1.1 Haadhaafi abbaan misirroof yommuu maqaa baasan

Suuraa 12



4.4.1.2 Jaalonni Yommuu Misirroof Maqaa Baasan

Suuraa 13



4.4.1.3. Firoottan Yommuu Misirroof Maqaa Baasan